# Sanyii Jal'inaa

Fiiniks, Ariizoonaa, USA
65-0118

1 Galgala kana barreeffama gabaabaa, yookiin dubbisa gabaabaa ta'en filadhe, fedha isaa yoo ta'e Gooftaan hiika galumsa isaa nuuf in kenna, innis Wangeela Maatewos 13: 24 hanga 30tti isa jirudha. Itti aansees yeroo muraasa keessatti 36 hanga 40ttis dubbisuun barbaada. Egaa Qulqulluu Maatewos isa caafe boqonnaa 13 lakkoofsa 24 iraa kaasee nan dubbisa. Sagalicha yeroon dubbisu sirriitti dhaggeeffadhaa. Sagaleen koo dogoggora qabaachuu danda'a, kan isaa garuu akkas miti.

> *Yesuus ammo fakkeenya biraa tokko isaanitti hime, "Mootummaan Waaqaa nama sanyii gaarii qotiisa isaattifacaafatetti in fakkeeffama.*
>
> *Yeroo namni rafuttis diinni namichaadhufee, inkirdaada qamadii keessa facaasee sokke.*
>
> *Midhaanichi guddatee ija erga godhateebooddee, inkirdaadichis immoo mul'ate.*
>
> *Kana irratti hojjettoonni abbaa warraattidhi'aatanii, 'Gooftaa, sanyii gaarii qotiisa keetti facaafte mitii? Inkirdaadaimmoo eessaa godhate ree?' jedhaniin.*
>
> *Inni immoo, 'Nama diina koo ta'etu kanagodhe' jedhee isaaniif in deebise; yummus hojjettoonni, 'Nuyi dhaqnee isa akkaaramnu barbaaddaa ree?' jedhaniin.*
>
> *Abbaan qotiisichaa garuu, 'Lakkii inkirdaada utuu aramtanii isaa wajjin qamadii akka hin buqqifnetti, dhiisaa!*
>
> *Hamma yeroo midhaan sassaabamuutti lachuuwalumaa wajjin haa guddatan. Yeroo midhaan sassaabamutti warri sassaaban, durainkirdaadicha buqqisanii akka gubamuuf bissii bissiitti akka hidhaniif,qamadicha garuu gombisaa kootti akka anaaf sassaabaniif ittan himadha' jedheeisaaniif deebise" jedhe.*

2 "Dura inkirdaadicha buqqisanii bissii bissiitti haa hidhan" isa jedhu qalbeeffanii? Amma egaa isa kana dubbisuudhaan, galgala tokko gaara Kataliinaa irratti utuun kadhachaa jiruu wanti keessummaa ta'e tokko natti dhufe. Sana booda ittin yaade, waanan galgala kana dubbadhu irratti jecha walii galaa tokko eesaan argachuu danda'a laata? Jedheen yaadan ture.

Akkuman gadi bu'een jecha discrepancy jedhutu keessa koo dhufe,kanaaf galmee jechootaa fuudheen jechi discrepany jedhu maal jechuu akka ta'e barbaaduun jalqabe. Egaa hiikkaan isaa, "Lola facaasuu," yookiin, "jallaa ta'uu" jechuudha, akka Webister jedhetti, "Lolaan waan tokko, waan addaa tokko facaasuu," yookiin, "Waan durumaan jiru tokkotti jal'aa ta'uu" jechuudha. Kanaaf barreeffama har'a galgalaa akkas jedheen moggaase: Sanyii isa Jallaa sana. Egaa akkuma isatti dhi'aannutti Gooftaan sagalee isaa nuuf akka eebbisu in amanna.

3 Kana malees inni hiikkaa fakkeenya kanaa lakkoofsa 36 hanga 43tti kennuu isaa in beekna. Kunis akkamitti sanyiin kun akka bilchaatudha. Mee akkasuma lakkoofsa 36 hanga 43tti haa dubbifannu.

> *Yesuus kana booddee namoota sana gadidhiisee manitti ol lixe; yummus bartoonni isaa itti dhi'aatanii, "Fakkeenya inkirdaada qotiisicha keessaa nuuf hiiki" jedhaniin.*
>
> *Yesuus immoo deebisee, "Inni sanyii gaariifacaasu ilma namaati;*
>
> *qotiisichi biyya lafaati; sanyiin gaariin ilmaan mootummaati; inkirdaadichis ilmaan isa hamaati.*
>
> *Diinichi inkirdaada facaase seexana; yeroon itti midhaan sassaabamu dhuma biyya lafaati; warri midhaan sassaabanis ergamoota Waaqayyooti.*
>
> *Akkuma inkirdaadi walitti qabamee ibiddaan gubamu, dhuma biyya lafaattis immoo akkasuma in ta'a.*

*Ilmi namaa ergamoota isaa in erga; isaanis karaa Waaqayyoo irraa waan nama gufachiisu hundumaa, warra hamaa hojjetanhundumaas mootummaa isaa keessaa walitti in qabu,*

*boolla ibiddaattis isaan in darbatu. Achitti boo'ichii fi ilkaan qaruun isaan irra in ga'a.*

*Egaa warri qajeelonni mootummaa Abbaa isaanii keessatti akka biiftuu in ifu; namni gurra qabu haa dhaggeeffatu!" jedheen.*

4 Inni kun egaa hiikkaa fakkeenyichaa isa Yesuus ofii isaatii kennaa tureedha, kanaafuu hiikaa jechuun maal akka ta'e yeroo sanaa kaafnee in beekna. Amma akkuma itti dhi'aachaa deemnuun, waa'ee facaafamuu sanyii kanaa fi sassaabamuu isaa in ilaalla, egaa inni hiikeera. Nan amana, Yesuus waa'ee fakkeenya kanaa bara isaa keessatti dubbate, garuu hiika isaa bara dhuma biyya lafaatti,yookiin bara dhumaa, bara isa ammaa kanatti akka ta'uuf jirutti lafa kaa'e. Kanaaf nan amana, barreeffamni xiqqoon galgala kanaa kun bara nuyi jiraachaa jirru kanaa wajjin kan wal simudha, sababiin isaa Yesuus ifaa fi ifatti,"Yeroon itti midhaan sassaabamu dhuma biyya lafaati" jedheera waan ta'eef. Innis immoo yeroo dhumni biyya lafaa itti ta'udha; yeroo qamadiin sassaabamu, akkasumas inkirdaadi sassaabamee ibiddatti naqamu fi qamadiin immoo garamootummaatti galfamuuti. Akkan amanutti karaan isaa kana ture.

5 Caaffanni qulqulla'aa kan biraan karaa kana akkan amanutti na geesseera, isas akka kanatti aanee jirutti barreessera, innis Maatewos 24:24keessatti waa'ee teessoo sanyii isa faalla sanaa in dubbata. Yesuus akkas jedhe, lamaan isaanii baay'ee wal fakkaachuu irraan kan ka'e yoo isaaf danda'ame hamma warra fo'ataman wallaalchisuutti iyyuu in ga'a jedhe.

Caaffanni qulqulla'aa kan biraan, bokkaa isaa warra qajeelotaa fi warra jal'ootaaf in roobasa kan jedhudha.

Muuxannoo koo guyyaan yeroo jalqabaaf warra Pheenxeqoosxee bira deemee nan yaadadha. Bakki isaa kutaa Indiyaanaa, Mishawaka kessaatti ture.Galma wal ga'ii guddaa akka kanaa keessan ture, bakka warri kaabaa fi kibbaa walitti qabamanitti. Sababii bara sana gargar ba'umsi isaan gidduutti uumameef achitti walga'anii turan. Geggeessitoota guguddoo lamatu obboloota warra Pheenxeqoosxee keessa turan. Kanaan dura waa'ee isaanii dhaga'ee, yookiis argee hin beeku. Guyyaa jalqabaaf afaan haaraan dubbachuu achittan dhaga'e. Dhuma toora galimichaattis… Ani miseensa waldaa isaanii miti, ani dargaggeessa tajaajilaa warra Baaptistiin ture, ani duubatti fagaadheen ta'aa ture. Nan yaadadha, yeroo jalqabaatiif nama afaan haaraa dubbatu dhag'uu kooti, maal akka inni ta'e iyyuu hin beekun ture. Egaa yeroo sanatti namoonni lamaan sun fuulduratti achi ba'anii, namichi inni tokko afaan haaraatiin yeroo dubbatu, inni kaan immoo waan inni dubbate hiika ture. Egaa hamman danda'etti MacaafaQulqulluu qo'achuu itti fufuu kootiin, wanti sun kan Macaafa Qulqulluu ta'uu isaa nan arge. Innis immoo dhugaadhumatti waan Hafuurri Qulqulluun godhuudha.

6 Gaariidha egaa, guyyaa tokko booda…Halkan gaafa sanaa laphee kootti na bu'e. Dirree boqqolloo irran ciisan ture. Siree qabachuuf horii of harkaa hin qabun ture, kanaaf horiin ittiin manatti galuu fi doonaatii (Daabboo) guyyaa lama oole ciree godhachuuf of harkaan qaban ture. Isas isaanii wajjinan nyaadhe, garuu horiin isaaniif kennu hin qabun ture. Barri sun bara hamaa, bara 1933 ture, bara socho'uun baay'ee hamaa ture. Kanaaf, "Gaariidha,ani…Isaanii wajjin nyaachuu hin barbaadu, garuu waan isaan qaban kana baruun barbaada. Isaan waan ani hin qabne tokko argataniiru" jedheen yaade.

Kanaaf an ganama sana…Isaan, "Tajaajiltoonni hunduu waltajjiitti ol ba'anii waa'ee kee dubbatu, ati eenyu, eessa irraas dhufte" jedhanii nagaafatan.

Gaariidha, ani immoo, "Wiiliyaam Branhaamin jedhama, hojjetaa Wangeelaati, Jefersenviilee irraan dhufen" jedheen, gadi taa'an. Egaa, yeroo sanatti waltajjii irratti ani tajaajilaa dargaggeessa. Guyyaa itti aanutti gara waltajjiitti na afeeran. Ergan dubbadhee booda yeroo gaarii waan dabarsineef itti aansuun namoonni Waldaa isaaniitti waan na afeeraniif carraa namoota garaagaraa wajjin wal arguun argadhe. Sana booda isaan…

7 Sana booda, "Utuun bakka namoota warra afaan haaraa dubbatanii hiikan sanaa argachuu danda'ee!" jedheen yaade. Inni sun garaa koo na nyaate, baay'een isa dharra'e. Gaariidha egaa, akkuman jalqaba irratti isinitti dubbadhe, kennaa xiqqoodha

kan isin uffattan. Isinuu beektu, kennaa fi waamichi qalbii jijjiirraan ala kennama, hubadhaa, isa kana hundumaa jireenya keessan guutuutti in qabaattu, isin isaanii wajjin dhalattan, kunis immoo yoo kennaa Waaqayyoo qabaattanii dha. Kanaaf, ani yeroo hundumaa, yeroon ijoollee xiqqoo turee jalqabee, namoonni jireenya koo hundumaa beekan, inni kun dhugaa ta'uu isaa ni beeku. Gaariidha, yoon yaadu…yeroo sanatti mul'ata waan jedhamu hin beekun ture. Maal akka inni ta'e hin beekun ture. Garuu, "Utuun isaanitti haasa'uu nan danda'a ta'ee!" jedheen yaade. Gaaaridha egaa, hafuurri inni manicha keessa ture dhugumatti miira Hafuura Waaqayyoo qaba ture.

Kanaaf isaan keessaa tokkotti haasa'uu barbaadeen gaaffii muraasa gaafadhe, inns immoo Kristaana dhugaa ture. Waa'ee isaatiif shakkii hin qabu, inni amanaa dhugaati. Namichi inni itti aanu immoo yeroon isatti dubbadhettii nama oftuulaa ture. Namichi sun dhugaadhumatti… Haati manaa isaa rifeensi mataa ishee dhiilgeedha, innis immoo ijoollee… dubartii rifeensa mataa dhiilgee irraa ijoollee lama argate. Anis immoo, "Gaariidha, maali kun? Dubbichi akkasi, wanti hunduu wal na dha'e. Ani mankaraaressaadha; sagalicha ta'uu qaba, akkas miti taanaan wantichi sirrii miti. Egaa Hafuurichi isa kana. Inni dhugaan ba'ee in bilbila; inni kaan garuu guutummaatti gaarii miti; hafuurichi lamaanuma isaanii irratti robe. Egaa kun akkamitti ta'uu danda'a?" jedheen yaade. Hibboo natti ta'e.

8 Waggaa lama booda holqan keessatti kadhadhu keessattin kadhadhan ture. Holqa keessatti awwaaraan laaqamee guyyaa tokko waaree booda achi keessaa ba'een Macaafa Qulqulluu lafa kaa'e, bubbeenis Ibiroota boqonnaa 6ffaa banee, innis immoo warri akkasii kun amantii irraa garagallan, deebi'anii yaada garaa isaanii geeddarachuudhaaf haareffamuu hin danda'an; isaan ofuma isaaniitii ilma Waaqayyoo deebisanii fannisaniiru, mul'inattis isa tuffachiisaniiru. Lafti bokkaa yeroo baay'ee irratti roobu dhugee, biqiltuu warra qotameefiif waa'ee baasu biqilchu eebba Waaqayyoo in argata. Qoraattii fi baalaan waraantee yoo baase garuu, abaaramuuf jedha malee homaa waa'ee hin baasu, dhuma irrattis in gubama kan jedhu ture. "Gaariidha, bubbeetu akka banamu godhe" jedheen yaade. Ammas bubbeen dhufee macaaficha bane, kunis yeroo sadiif ta'e. Sana booda,"Wanti kun keessummaadha" jedheen yaade.

Achumaanis ol ka'een , "Yaa Gooftaa, kutaa sana akkan dubbisuuf maalif bantee, ani…Yeroon irra gadi deemee dubbisu, 'Qoraattii fi baalaanwaraantee yoo baase garuu, abaaramuuf jedha malee, homaa dhimma hin baasu, dhuma irrattis in gubamaa'?" jedheen yaade. "Maaliif bakka sana naaf bante?"jedhee yaadee akkuman alaala ilaaluun…

9 Egaa, mul'anni kun hunduu dhiibbaa maarshii tokko malee gara namaa dhufu. Inni immoo Waaqayyoo dha. Argitanii? Ilaalees, lafti fuula koo duraa utuu isheen jijjiiramtuu nan arge, itti fufees waan akka saanii wayii taate tokko ol gubbaatti nan arge. Namicha wayyaa adii uffatee qamadii facaasu tokkos nan arge. Erga inni deemee hundee lafaatti dhokatee booddee, namichi sodaachisaan wayyaa gurraacha uffatu dhufee sanyii inkirdaadaa laficha hundumaa irratti facaase. Isaan lamaanuu walii wajjin biqilan. Yeroo biqilanittis lamaan isaanii waan dheebotaniif bokkaa isaan barbaachise. Tokkoon tokkoon isaaniis mataa gadi qabatanii, "Yaa Gooftaa, rooba nuuf ergi, rooba nuuf ergi" jedhanii kadhatu turan. Achumaanis duumessi guddaan tokko dhufee, bokkaanis lamaan isaanii irratti robe. Yeroo inni roobettis qamadii isheen xiqqoon u-utaaltee, "Gooftaa si haa galatu! Gooftaa si haa galatu!" jechuu jalqabde. Inkirdaadi isheen xiqqoonis bukkeedhaan u-utaaltee yeroodhuma sanatti, "Yaa Gooftaa si haagalatu! Gooftaa si haa galatu" jechuu jalqabde.

Egaa yeroo sanatti hiikkaan isaa kennameera. Bokkaa isaa warra qajeelotaa fi warra jal'ootaaf in roobsa. Hafuurri tokkichi gubaa'ee irra bu'ee hundumtuu ittiin gammaduu danda'u; inni of tuulaan, kristaanni, namni hundinuus ittiin gammaduu danda'a. Dhugaadhumatti sirrii dha. Garuu inni maali laata? Ija hojii isaaniiitiin isaan in beektu. Hubattanii? Karaan ittiin isa beekuun danda'amu tokkichi isa kana.

Amma egaa isa kana isinuu beektu, iji margaa, yookiin inkirdaadi yeroo tokko tokko sanyii midhaanii isa dhugaa, isa baramaa wajjin wal fakkaachuu irraan kan ka'e hamma warra secha'aman wallaalchisuutti in ga'a. Bara lakkaa'amu keessa, yeroo waa'een waan kanaa itti lallabamuu fi itti dubbatamuu qabu keessa jirra jedheen yaada.

10 Hubadhaa, lakkoofsa 41 keessatti, lamaan isaanii baay'ee wal in faakkaatu, bara dhumaatti hamma inni… hin goonetti. Inni isaan gargar baasuuf Waldaa murtoofte tokko

Metedistii, yookiin, Baaptistii, yookiin,Pheenxeqoosxaalii jedhee isaan kana irratti hin hundaa'u. Inni, “Ani ergamoota koo nan erga, isaanis gargar in fo'u” jedhe. Ergamaan gargar fo'uuf dhufaa jira, isa gaarii fi isa gadhee gargar baasuuf dhufa. Isa kana ergaamaa Gooftaa malee eenyu iyyuu gochuu hin danda'u. Kan isa gadhee fi isa gaarii himuuf jiru isa qofaadha. Waaqayyo ergamoota isaa bara dhumaa jala akka ergu dubbateera. Ergamoonni *asiin* gadi dhufu miti, ergamoota bara dhumaatti dhufanii walitti qabanii dha malee. Yeroon itti midhaan walitti qaban ga'aa akka jiru in beekna. Egaa, ergamaan lafa irraa (Messanger), ergamaa Waaqa irraa (Angel) tti in hiikama. Amma egaa kan nuyi ilaallu ergamoota torban waldaa torbanitti ergamanii… lakki, bara waldootaa keessa malee.

Inni sanyii facaasu eenyuu akka ta'e isa inni dubbate, akkasumas sanyichi maal akka ture hubadhaa. Namni sanyicha faacaasu ilma Waaqayyooti, isatu sanyicha facaasuuf ba'ee deeme. Diinni inni seexana ta'e immoo isa boodaan dhufee sanyii isa faallaa sana sanyii isa sirrii sana irratti facaase. Egaa firoota koo inni kun erga biyyi lafaa kun uumamee jalqabee baroota keessatti ta'aa ture. Jalqabaa jalqabee haaluma wal fakkaatuun raawwachaa ture.

11 Egaa, inni, “Sagaleen Waaqayyoo Sanyii Waaqayyooti” jedheera.Yesuus iddoo tokkotti “Sanyichi dubbii Waaqayyooti” jedheera. Sanyiin hundinuus immoo gosa sanyii isaa bakka in buufata. Egaa amma yoo Kristaana ta'an, yoo ijoollee Waaqayyoo ta'an, ijoolleen mootummichaa sagalee Waaqayyoo in dhaga'u, sana booda sagalee Waaqayyoo ta'uu qabu, sagaleen Waaqayyoo inni bara sanaaf abdachiifame immoo bara sanatti isaan gidduutti of in mul'isa. Waaqayyo jalqabatti sagalee isaa akkuma kenne, bara hundumaa keessatti sanyii isaa, yeroo isaa fi kakuu isaa in qabaata.

Egaa yeroo Nohi mul'atetti sanyii Waaqayyoo, sagalee Waaqayyoo isa bara sanaaf kenname ture.

Museen yeroo dhufetti ergaa Nohin qabatee miti kan dhufe, inni kan Nohi hin hojjetu ture yeroo sanatti, sababiin isaa inni sanyii Waaqayyoo kan bara sanaa waan ta'eef.

Kristoos yeroo dhufetti ergaa isa kan bara Nohi yookiin kan bara Museetiin hin dhufne; barri itti durbi ulfooftee deessuu fi ilmichis Masihii itti ta'u bara isaa waan ta'eefi.

12 Egaa, bara Luuter, bara Wesilii (bara Metedistii), baroota kana hundumaa fi bara Peenxeqoosxee keessas dabarree kan as geenye yoo ta'u, tokkoon tokkoon bara kanaa keessatttis abdiin sagalichaa kennameera. Akkuma Yesuus asitti, “Isaan ilmaan mootummaati” jedhetti, namoonni baroota kanaa, warri sagalee abdii sana calaqqisiisan sanyii bara sanaati. Inni kun sirrii dha. Ijoollee isaa keessaan mul'achuun Hafuura Qulqulluu bara sanaa, isaan sanyii mootummaa kan bara sanaa ta'uu isaanii agarsiisa.

Hubadhaa, inkirdaadi isa diinni, seexanni faallessuuf facaasedha, yookiin immoo inni sanyii faallaa sanadha, inni waan jibbisiisaa kana hojjechuudhaan yakkeera. Seexanii jalqabumaa jalqabee sanyii isaa facaasuu jalqabe, kunis immoo yeroo Waaqayyo midhaan sassaabamu isa jalqabaa isa ta'e, nama lafa irratti uumettidha. Addaam beekumsa isa dhugaa, hamaa fi gaarii gargar baasanii beekuu yoo danda'e iyyuu gara isa kanaatti amma iyyuu raawwatee dhufuu hin dandeenye.

13 Garuu Waaqayyo ijoolleen isaa akka mo'aniif ijoollee addaamiif sagelee isaa iaaniif kenneef. Kan isaanii… Sagalee Waaqayyootiin malee waan ittiin moonu hin qabnu. Kan ittiin moonu isa dha. Boombiin, da'oon, iddoon dhokannaa, Ariizoonaan yookiin Kaalifoorniyaan, yookiin bakki kam illee hinjiru; kan ittiin moonu waan tokko duwwaatu jira, innis immoo sagalicha.Sagalichis immoo Yesuus Kristoosiin ta'ee foon uffatee nu gidduu buufate. Inni da'oo fi gaachana keenya. Isa keessa ta'uudhaan nagaatti in jiraanna.

Cubbuun iyyuu amanaa dhugaatti sababa dhufuuf hin qabu. Isa kana beektuu? Namni Waaqayyoon irraa dhalate cubbuu hin godhu, cubbamuu hin danda'u. Argitanii? Sababa cubbuun itti dhufuuf iyyuu hin qabu. Maaliif, Daawit, “Namni Waaqayyo yakka tokko illee iratti hin lakkoofne haa gammadu” jedheera waan ta'eefi. Kristoosiin keessa yummuu jiraattanitti cubbuu hojjechuudhaaf fedhii hin qabaattan. “Warra Waaqayyoof sagadanitti cubbuun yaada garaa isaaniitti hin dhaga'amu, ” fedhii isaa hin qabaattan. Egaa biyya lafaa biratti cubbamoota,Waaqayyoon biratti garuu isin akkas miti, sababiin isaa isin Kristoosiin keessa jirtu waan ta'eef. Isa cubbuu hin qabne keessa jiraattanii

akkamittiin cubbamaa ta'uu dandeessu, Waaqayyo kan inni ilaalu eenyuun keessa akka jirataniidha mitii?

14 Egaa yeroon kun yeroo makaraati. Jalqabatti yeroo Waaqayyo sanyicha lafa irratti facaasetti, isa onnee ijoollee, maatii isaa keessa sagalicha akka eeganiif kaa'e, kan isaan ittiin oolanis isa kana qofa ture, innis Sagalee koo eegi! Kan jedhu ture. Kunoo diinichi dhufee dallaa sana cabsuudhaan sanyii jal'inaa, isa faallaa sagalee Waaqayyoo ta'e sana facaase. Inni jalqatti isa faallaa sana yoo ta'e, inni amma iyyuu akkasuma. Wanti sagalee Waaqayyootti waa dabalu hunduu amma iyyuu sanyii isa hamaa sanaati! Jaarmiyaa irraa yoo dhufe, humna waraanaa irraa yoo dhufe, qaama siyaasaa irraa yoo dhufe, bakka kamii iyyuu yoo dhufe dhimma koo miti. Wanti sagalee Waaqayyoo faallesuu kam iyyuu sanyii isa hamaa sanaati.

Nami tokko an lallabaadha jedhee ka'ee dhaabatee, “Guyyaan dinqii itti hojjetan darbeera” kan jedhu yoo ta'e inni sanyii jal'inaati. Namni tokko ka'ee dhaabatee ani tajaajilaadha, paasterii waldaa tokkooti ofiin jechaa,Yesuus Kristoos isuma sana ta'uu isaa (Qaama foon isaatiin ala), inni kaleessas,har'as, barabaraanis isuma sana ta'uu isaa hin amanu yoo ta'e inni sanyii isa hamaa sanaati.Yummuu, “Dinqii fi barri ergamootaa darbeera” jedhutti, inni sanyii isa hamaa sanaati. Yeroo, “Fayyinni Waaqa irraa hinjiru” jedhanitti, isaan sanyii isa hamaa sanaati. Biyyi lafaa immoo isa kanaan guutuu dha. Isaan tuuta'anii qamadii in hudhu.

15 Inni sanyii faallaa sana jalqabatti facaase “seexana” jedhame akka mogga'e in yaadanna, innis immoo Uumama boqonnaa 1 keessatti akka ta'e in beekna. Amma as baanee Maatewos boqonnaa 13 keessattis kan arginu Yesuus waan sagalee isaatti faallaa ta'een “Seexana” jedhee moggaase. Bara 1956 kanattis wanti hamaa facaasu, wanti faallaa sagalee Waaqayyoo facaasu, yookiin hiikkaa ofii isaa isatti kan kennu, sanyii isa hamaa sanaati. Waaqayyo isa kana hin simatu. Inni waliin hin maku. Inni dhugaadhumatti isa kana hin godhu. Inni akka ija sanaaficaati; inni waan biraa wajjin wal makuu hin danda'u, isa diqaalomsuu hindandeessan, inni isa dhugaa mudaa hin qabne sana ta'uuf jira. Sanyii jallinaa!

16 Egaa yeroo Waaqayyo sanyii isaa iddoo Dhaabaa Eedenitti facaasetti, sanyichi Abeeliin akka bakka buufate in argina. Garuu yeroo Seexanni facaasetti inni Qaayiniin ta'ee dhalate. Inni tokko isa qajeelaa ta'ee dhalate, inni kaan immoo isa qajeelaa hin ta'in ta'ee dhalate. Sababii Hewaan sagalee Waaqayoo dhaggeeffachuu dhiiftee sagalee isa hamaa sanaa dhaggeeffatteef kubbaan cubbuu achitti darbatamee hanga har'aattis konkolaataa jira. Egaa hamma ergamaan Waaqayyoo dhufee gargar fo'ee, Waaqayyo ijoollee isaa mootummaa isaatti galchee, inkirdaada immoo ibiddatti naquutti guutummaatti isa keessaa ba'uu hindandeenyu. Muka Wayinii sana lamaan qalbeeffadhaa.

Barsiisa kana irratti yeroo dheeraa utuu fudhannee gariidha, garuu lafa yaadamu geenyee gara warra dhukkubsataniif kadhachuutti deebina, daqiiqaa muraasaaf.

17 Hubadhaa, sanyiin sun lamaan akkuma Waaqayyo dubbisa keenya har'aa Maatewos 13 keessatti, “Walumaan haa guddatanii dhiisaa” jedhee dubbate kanatti isaanis walumaan guddatan. Egaa Qaayin gara biyya Nood jedhamuu deemee haadha manaa in fuudhe; Abeel waan ajjeefameef Waaqayyo Sheetiin kaasee iddoo Abeeliinin buuse. Achumaan dhaloonni sirrii fi sirrii hin ta'in sosochii jalqaban. Egaa kan nuyi arginu, tokkoon tokkoon isaanii yeroodhaa gara yerootti wal gurmeessaa kan dhufanii fi Waaqayyos… Waaqayyo hamma isa balleessuutti ga'utti isa abaare.

Garuu sanyiin lamaanuu, sanyiin jal'inaa fi sanyyiin inni kan Waaqayyoo hoogganaa isaanii isa dhugaa bakka buufatan. Innis immoo Yihudaa nama biyya Keriyotii fi Yesuus Kristoosiin durfamuu jalqaban. Inni sanyii Waaqayyoo waan ta'eef jalqaba uumama Waaqayyoo ture, inni Waaqayyoon ture. Yihudaan immoo ilma badiisaa ta'ee dhalate, si'oolii dhufee si'oolitti deebi'e. Yesuus Kristoos Ilma Waaqayyooti, inni sagalee waaqayyootu mul'ate. Yihudaan faallessuu isaatiin sanyii seexanaa ta'ee gara biyya lafaa dhufe gowwomsaadhaaf; akkuma abbaa isaa isa jalqabaa, akkuma Qaayin.

18 Yihudaan waldaadhaan taphate. Inni dhugaadhumatti garaa irraa fudhatee amantii hin qabaanne. (Inni raawwatee Yesuusiin hin ganne.) Garuu hubattanii,inni sanyii jal'inaa sana facaase. Inni biyya lafaa wajjin firoomee horii argachuu, akkasumas Yesuusitti firoomuuf yaade, garuu yesuusittii froomuuf baay'ee isatti barfate. Yeroo sa'aatiin du'aa dhuftetti, yeroo waan hamaa sana raawwate sanatti, inni sarara dura

deemuu fi duubatti deebi'uu sana qaxxaamure. Akkuma gowwomsituutti karaa barbaade irra deeme. Inni sanyii jal'inaa sana facaasuudhaan dhaabbilee amantii yeroo sanaa warra ta'an Fariisotaa fi Saaduqoota irraa faayidaa argachuu barbaade. Inni horii wayii fudhatee namoota keessatti beekamtii argachuu barbaade. Namoonni baay'een utuu isa jal'aa sana keessa galee nama irraa faayidaa barbaaduu dhiisee! Mee kottaa faayidaan nuyi argannu nama irraa utuu hin ta'in Waaqayyoon irraa haa ta'uu. Garuu Yihudaan yeroo hammeenyi isaa mataatti ol ba'etti isa kana godhe.

19 Egaa Yesuu Sagalicha akka ture in beekna. Wangeela Yohaannis boqonnaa 1 keessatti, "Sagalichi waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyoon bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyoon ture. Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate" jedha. Sagalichi sanyii ture, sanyichis foon uffatee nu gidduu buufate.

Yihudaan sanyii diina isa hamaa sanaa yoo ture, innis immoo foon uffatee nama Yihudaa biyya Keriyot ta'ee nu gidduu in buufata jedhuudha. Inni raawwatee amantii dhugaa hin qabu ture. Inni waan yaada isaatti amantii dha jedhee fudhate qaba ture. Amantiin akka kanatti qabaatamu amantii namtolchee jedhama.

Amantiin inni dhugaan kan Waaqayyoo Waaqayyoon amanuudha, Waaqayyo immoo sagaleedha, isattis immoo gonkumaa waa dabaluun hin danda'amu. Kitaabni Qulqulluun akka nutty himutti yoo jecha tokko isatti daballe, yookiin jecha tokko isa irraa hir'ifne ga'een keenya Macaafa Jireenyaa irraa akka hir'ifamuudha. Ximura boqonnaa kan ta'e mul'ata 22:18 dubbifadhaa.

20 Jaqaba jalqabaatti, jalqaba Macaafa Qulqulluu irratti Waaqayyo sagalee isaa tokko akka hin cabsine isaanitti hime, "Sagalee koo hundumaa eegaa" isaaniin waan jedheef sagalee sanaan jiraachuun dirqama isaanii ture.Yesuus Walakkeessa Macaafichaatti, bara isaatti dhufee, "Namni buddeena duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee"jedhee dubbate. Bara xumuraa mul'ataatti immoo dursee akka nutti dubbatetti, "Eenyu illee waan macaafa kana keessatti dubbatame irratti sagalee tokko yoo dabale ga'een isaa Macaafa Jireenyaa irraa in fudhatama" jedheera.

Kanaafuu wanti gaaddidduu nutti ta'u hin jiru, inni tokkicha isa dhugaa sagalee Waaqayyoo isa makaa hin qabneedha! Innis immoo ilmaanii fi intaloota Waaqayyoo warra akka fedha namaatti, yookiin harka fuudhaa namaatiin,yookiin cuuphaa waa'ee hin baafneen utuu hin ta'in Hafuura Waaqayyoo isa ta'e Hafuura Qulqulluutti dhalatanii sagalichi isaan keessaan yummuu mul'atuudha. Sanyiin Waaqayyoo inni mudaa hin qabne isa kana!

21 Diinni Waldaatti hidhatee seera Ortodoksii, yookiin waan biraa ta'ee dhufee of mul'ise. Garuu… hin taane. Inni kun hammeenya, innis immoo wanta sagalee Waaqayyoo isa dhugaa mudaa hin qabne gidduu galee kan dabsuu dha.

Akkamittiin beeknaree? Nuyi, "Gaariidha, isaan sirriitti hiikuu kee dhaaree?" in jedhu. Lakkii obboo! Namni kam illee sagalee Waaqayyoo hiikuudhaaf mirga hin qabu. Inni ofii isaatii isa in hiika. Waan abdachiise tokko yummuu raawwatutti, hiikaan sagalee isaatii isa raawwatame sana egaa. Waa yeroo dubbatutti, inni isa dubbate sana in raawwata, hiikaan sagalichaa egaa isa raawwatame sanadha. Wanti sagalee Waaqayyoo faallessu kam iyyuu jal'ina! Dhugaadha!

Egaa, akkuman dubbadhe, Yihudaan amantii isa dhugaa hin qabu. Inni amantii namtolchee qaba ture. Inni amantii yaadaa kan ani ilma waaqayyooti jedhu qaba ture, garuu ilma Waaqayyoo ta'uu isaa hin beeku. Inni isa beekuu hin dandeenye. Namni sagalee Waaqayyo irratti walii galee dhugaadha jedhee amanu hunduu amntii namtolchee qabaachuu isaati. Garbichi Waaqayyoo inni dhugaan garuu sagalicha irratti cichee in jiraata.

22 Galgala darbe tokko tajaajilaan mana barumsaa beekamaa guddaa kutaa Ariizoonaa tokkoo dhufee, "Waan tokko irrattin si sirreessuu barbaada" naan jedhe. Ani immoo… "Yeroo carraa argattutti."

An immoo, "Kun hamman beekutti carraa isa guddaadha. Na sirreessin" jedheen.

Kanaaf dhufee, "Obbo Branhaam, ati kan yaalaa jirtu…Nama gaarii fi nama amanamaa akka ati taate nan amana, garuu ati doktriinii ergamootaa addunyaatti fiduuf yaalaa jirta" naan jedhe. Itti fufees, "Barri ergamootaa, ergamoota irratti dhaabate" naan jedhe.

An immoo, “Wanti an jalqabatti si gaafachuu barbaadu obboleessa koo, sagaleen Waaqayyoo hunduu kaka'umsaan raawwata jettee in amantaa?” jedheen gaafadhe.

Inni immoo, “Eeyyee,nan amana” naan jedhe.

An immoo, “Erga akkas ta'ee, sagalee Waaqayyoo keessaa bakka itti barri ergamootaa dhaabate natti agarsiisuu dandeessaa? Amma egaa yoo natti agarsiifte waan ati jettu nan amanan” jedheen. An itti fufee, “Barreessaan ergamootaa, inni furtuun mootummichaa isa harka jiru, bara barri ergamootaa jalqabe guyyaa Pheenxeqoosxeetti, isaan, 'Yaa obboloota nana maal goonuree?' jennaan, inni immoo, 'Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan maqaa Yesuus Kristoositti cuuphamaa; kennaa Hafuura Qulqulluus in fudhattu. Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis' jedhee dubbate. Amma egaa sagalichi akkamittiin wal faallessuu danda'a?” jedheen gaafadhe.

Namichi, “Galgala kana qorra hamaatu na dha'e” jedhe.

An immoo, “Anis akkasuma ta'a jedheen yaadan” jedheen.

Amma mee isin natti himaa, Waaqayyo amma iyyuu waamaa jiraa? Waaqayyo amma iyyuu waamaa jira erga ta'ee, barri ergamootaa amma iyyuu lubbuun jira. Dhugaadhumatti! Hamma Waaqayyo Gooftaan keenya waamutti, yeroo hundaa waamuu isaatiin, fuuldurattis waamuu isaatiin, barri ergamootaa amma iyyuu in jiraata, sababiin isaa Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis jiraataa waan ta'eef.

23 Har'a egaa kan nuyi hubannu sanyiin hamminaa kun baroota hundumaa keessatti facaafamaa kan ture ta'uu isaati. Utuu daqiiqaa kudhan yookiin kudha shanan keessatti hubachuu dandeessu ta'ee, isinan hubachiisan ture, garuu akkasitti hubachuu hin dandeessan. Waggoota kana keessa dabarree…Hundumtikeenya, baay'een keenya Macaafa Qulqulluu dubbifanneerra. Egaa amma akkuma yeroo Yesuus dhufee hammina, faallaa sagalee isaa arge sanaa ta'eera. Inni sagalee foon uffatee mul'ate ture, inni hiikkaa sagalee Waaqayyoo ture, sababiin isaa inni, “Caaffta qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u” jedhee dubbateera. Isin achi jirtu egaa. Inni hiikkaa sagalee Waaqayyoo ture. Ilmaanii fi intaloonni Waaqayyoo warri bara kana keessatti lammata dhalatanis hiikkaa sagalee Waaqayyooti. Caaffanni keenya inni nuuf dubbatu, inni namni hundinuu akka beekuuf akka dubbisuuf laphee keenyatti caafame, isinuma. Eeyyee.

Hubadhaa, inni, “Ana Waaqessuun isaanii akkasumaan, isaan Doktriinii jal'inaa in barsiisu. Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, isaan doktriinii jal'inaa, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti, seera namaa akka kan Waaqayyoo ta'eetti in barsiisu, inni garuu sagalee Waaqayyoo wajjin gonkumaa wal hin argu.” Jedheera.

24 Ilaalaa, tokkoon tokkoon baraa midhaan akkasii baasaa ture, barri keenya garuu midhaan akkasiif dhiifama hin qabu. Nuyi isuma sana kan qabnuu fi barootni sun hunduu yoo walitti dhufan isa irra kan caalludha, barri keenya xumura seenaa biyya lafaa waan ta'eef. Jal'inni guddaan biyya lafaa irratti ta'ee hin beekne bara nuyi jiraachaa jirru kana keessatti ta'aa jira. Jal'inni baroota keessa facaafame dhugaatti warra Waaqayyoof jiraatan dhiibee akka isaan Waaqa tolfamaaf Waaqessan isaan godhe. Har'a Yesuus Wangeela Maatewos 24:24 irratti, “Yoo danda'ame warra Waaqayyoof fo'aman iyyuu in wallaalchisu” jedha. Isaan waa'ee jal'inaa lallabu! Oo, inni baay'ee afshaala bareedaadha. Seexanni warra tiyooloojii, warra dokteera amantii keessa galuudhaan, sagalee Waaqayyoo fakkeessee namoota barsiisuu danda'a. Yesuus isa kana dubbateera. Garuu isa irraa of eeggadhaa, iddoon tokko jira. Inni “Egaa, inni kun warra kanaaf miti” jedheera.

25 Waan inni godhe ilaalaa. Jal'inuma isaa kanatu bara Nohitti dheekkamsa Waaqayyoo fide, Waaqayyos raajii isaa ibidda boba'uun ergee, innis immoo qalbii isaanii akka jijjiirrataniif, jal'inni sun isaan keessaa akka ba'uuf isaaniitti lallabaa ture. Sana booda seexanni maal godhe? Duubaan dhufee, karaa Haamiin sanyicha ammas irra deebi'ee facaasuu eegale. Inni kun sirriidha.

Museen, rajiin guddichis ijoollee Israa'el lafa onaa keessa geggeessuf dibamee ka'e. Asitti hoo maaltu ta'e? Museen, raajiin inni guddichi sagalee Waaqayyoo isa dhugaa, mul'inatti fidee dhufe. Inni Waaqayyoon argeera.Waaqayyoon arguun isaas

mirkaneeffameera. Namoonni bara sanaa akkam akka namoota amantii turan, luboonni sun amantii ofii isaanii, seerota ofii isaanii, ayyaanota ofii isaanii fi waan hundumaa of harkaa qabu turan, garuu Museen mul'ina hiikkaa sagalichaa ta'ee ka'ee isaan dura dhaabate. Isa kana hin irraanfitinaa! Museen hiikkaa sagalee abdii Waaqayyoo ture. Isa kana akka godhu dubbatee ture duraan; inni Hiikkaa sagalee Waaqayyoo ture.

26 Maaltu ta'e? Waldaan achuma Gibxiitti, tarkaanfii miilaa muraasa booda akkuma jalqabeen maaltu ta'e? seexanni jal'ina isaatiin gara namaa dhufe, Qaayin isa lammaffaa isa ta'e Bala'aamiin sanyii hamminaa sana isaan gidduutti facaasuu eegale. Inni kun sirrii akka ta'e in beekna. Bala'aam sun, barsiisi Bala'aam sun inni, "Nuyi hunduu tokkuma, nuyis akkuma keessan Waaqayyoon tajaajilla," kan jedhuu fi jalqabni isaa immoo sirriidha, sababiin isaa inni aarsaa Waaqayyoof dhi'aatu dhi'eesse; iddoo aarsaa torba ijaaree, tuntunoo torbaa fi korbeessa hoolaa torba qopheessee dhugaadhumatti akkuma aarsaa isa Museen lafa onaa keessatti dhi'eessuutti waan dhi'eesseefidha. Dhugaadhumatti aarsaa gosuma tokko ture. Garuu isaan tokko hin turre! Innis immoo gaaddidduu wanta nutti dhufuuf jiru kanaati. Ammas Qaayin nama Bala'aam jedhamuun deebi'ee mul'ate. Waaqayyo immoo nama Musee jedhamuun mul'atee, sagalee isaa nama foonii keessaan hiikaa of isaan beeksise, abdii isaa sagalee isaa nama foonii keessan mul'ise. Jal'innis immoo akkasuma ka'ee dhaabachuu jalqabe.

Bara Yihudaattis akkasuma ta'e, inni jal'ina isaa facaasuudhaan dhufe.

27 Egaa, cubbuu isa namoonni, "Nuyi tokkuma, nuyi Waaqayyo tokkichuma Waaqaessina, nuyi hunduu miseensa Waldaa tokkoo ta'uu qabna, nuyi saba tokko ta'uu qabna" jedhanii amanan sana qalbeeffadhaa. Cubbuun sun Israa'elootaaf raawwatee hin dhiifamne! Yesuus afaan isaatiin, "Isaan hundinuu du'aniiru!"jedheera.

Isaan sadan warra abdii sana amananii iiti qabaman irraa kan hafe, hundumti isaanii in dhuman. Yeroo warri dadhaboon, "Laficha dhaaluuf nutti jabaateera, laficha nuyi hin dhaallu" jedhanitti; Kaalebii fi Iyyaasuun immoo amma iyyuu saba ta'anii, "Nuyi baay'annee isa dhaaluudhaaf dandeettii qabna, sababiin isaa Waaqayyo nu abdachiiseera! Warri faallaa keenyaa waan isaan jedhanittii dhimma hin qabu!" jedhaa turan.

Nuyis immoo fayyina Waaqarraa fi cuuphaa Hafuura Qulqulluu lallabaa jirra, amma iyyuu humna Waaqayyoo isa Wantoota biyya lafaa irra adda nu baasu qabannee jirra. Waaqayyo isa kana dubbateera! Barri ergamootaa hin xumaramne, hin xumuramus, inni itti fufa.

Kanaaf, facaaftuu jal'ina isa durii sanaa ammas in argina. Hubadhaa, cubbuun sun isaaniif hin dhiifamne. Amma egaa, obboleessa koo, inni bara sanatti hin dhiifamneef erga ta'ee, bara sanyiin inni dhugaan baroota keessa ture walitti qabamu kanatti immoo maal ta'a jettee yaadda ree?

28 Waan guddaa Bala'aam raawwate kana qalbeeffadhaa, inni deemee deemee, xumura irratti Yesuusii fi Yihudaa nama biyya Keriyot irratti xumurame. Innis maal ture? Yihudaa fi Yesuus dhugaadhumatti fakkaattii Qaayinii fi Abeeliiti. Akkuma Yihudaan nama amantii ture, Qaayinis nama amantii ture.Qaayin iddoo aarsaa ijaaree aarsaa dhi'eesse, inni waaqayyoon in Waaqesse, kana gochuuttis akkuma isa kaanii mudaa kan hin qabne ture. Garuu, ilaalaa, inni mul'ata sagalichi maal akka ta'e ittiin baru of harkaa hin qabu ture. Inni Addaamii fi Hewaan waan akka Aappilii, yookiin ija mukaa wayii nyaatan jedhee yaadee ture. Kanaafis Qaayin… Abeel garuu mul'ataan inni kun dogoggora akka ta'e in beeke; inni achi keessaa gadi isaan oofe dhiiga ta'uu isaa waan bareef korbeessa hoolaa aarsaadhaaf qopheesse. Waaqayyos immoo aarsaa isaa gaarii godhee simate. Kanaaf inni hinaaffaadhaan guutamee obboleessa isaa ajjeesuudhaaf yaale. Akkuma inni obboleessa isaa iddoo aarsaa isuma inni itti aarsaa dhi'eesse irratti ajjeesetti, Yihudaanis Yesuus Kristoosiin iddoo aarsaa Waaqayyootti dabarsee isa kennee, akkuma Qaayin Abeeliin ajjeesetti Yesuusiin ajjeese. Sababiin isaa Qaayin sanyii jal'inaati.

Bal'aam, raajiin inni qacaramaan, inni nama hundumaa caalaatti beekadha jedhame sunis akkasuma ture. Waaqayyo hamma harreen afaan haaraatiin dubattuutti milikkitaa fi dinqiidhaan isa akeekkachiisu iyyuu, inni didee karaa isaa irra deemuu ittuma fufe. Inni sanyii jal'inaa sana facaasuuf nama dhalateedha.

29 Erga Yesuus bara kana, bara dhumaa isa jal'inni guddaan ta'ee hin beekne keessatti ta'aa jiru, bara Laa'odeqiyaa, bara bu'aa'aa, bara Waldaa keessaa gadi isa

baasan ta'uu isaa erga dubbatee, wanti kun sanyii jal'inaa sanaan malee eenyuun ta'aa jiraree! Dhugaadhutti isaan raawwataa jira. Inni bara kana keessatti in xumurama.

Egaa gaara Qaraaniyoo irratti Qaayinii fi Abeel deebi'inii mul'ataniiru.

Amma hubadhaa, akkuma kanaan duraa, battaluma Yesuu deemetti, battaluma inni gara Waaqaatti ol ba'etti, Hafuurri Qulqulluun isa duubaan dhufe. Egaa akkuman galgala darbe dubbachaa ture, inni sagalicha isa sageleetti lubbuu godhuu dha. Inni egaa isa sagalicha dadammaqsuudha. Dadammaqsuu (Quicken) jechuun "Gara jireenyaatti fiduu" jechuudha. Hafuurri Qulqulluu inni dhugaan sagalicha isa ta'e gara jireenyaatti fida. Inni seera Waldaa keessa jireenyatti hin fidu, inni isa kana gochuu hin danda'u, sababiin isaa inni seera Waldaa irraa dhimma hin qabu. Inni Waaqayyoon Waan ta'eef, sagalee Waaqayyootti lubbuu godha. Hubattanii? Inni egaa dhaqna sana du'aa gara jireenyaatti in dammaqsa.

30 Egaa hubadhaa, akkuma isaan godhaniidha. Yeroo sanatti akkuma Macaafni Qulqulluun jedhe, akkuma Yohaannis ijoollee isaatti dubbataa turetti, "Ijoolle! Yeroon kun isa dhumaati. Kristoosiin kan mormu akka dhufu dhageessaniittu; ammas warri Kristoosiin morman baay'ataniiru" jedhe. Inni ijoollee warra hin abboomamnee gidduutti hojjechaa jira. Egaa yeroon sun erga Hafuurri Qulqulluun bu'ee booda naannoo waggaa soddomaati. As irratti kan arginu, yeroo sanyiicha isa dhugaa inni ta'e Hafuurri Qulqulluun sanyichatti lubbuu gochuuf dhufetti, ammas deebi'ee inni jal'inaa sun dhufuu isaati. Egaa hubadhaa, inni akkuma duraatti itti fufe. Inni…

Sagaleen inni dhugaan mul'ateera, raajonni durii akkuma dhufanii darbaniin dhugummaa sagalee Waaqayyoo mul'isaa turaniiru. Namni kam iyyuu waa'ee walga'ii Niiqiyaa, yookiin guyyoottan kudha shanan walga'ii Niiqiyaa duraa, isa yeroo warri siyaasaa dhiigaan dhiqatan sun taa'an yoo dubbiseera ta'e, inni egaa yeroo duroon roomaanotaa Waldattii keessaa garee amantii hundeessanii seera baasanii dha. Raajonni gogaa hoolaa uffatanii, marga nyaatanii sagalicha irra cimanii dhaabatanii dhufanii darban! Garuu maal ta'uutu isa irra ture? Akka Qaayiniin ta'uu, akka Abeeliin ta'uu, lamaan keessa tokko du'uutu irra ture. Dhugaadhumatti inni akkas ta'eera. Sagalichi murtee isaa amantoota gidduutti dhabee, isaanis sagalee isa dhugaa fuudhanii digimtii (Dogma) fi jal'ina Waldaa Kaatolikii ishee jalqabaatti makanii hundeessan. Isaan Phaaphaasii (Pope) itti dabalan, isaan ilaaltuu hojii waldaa Kristaanaa (Bishop) itti dabalan,isaan *kana*, *sanaa* fi *kan biraa* itti dabalan. Isaan hiikkaa Pheexrosii fi hiikkaa Maariyaam isa dhugaa keessa baasanii gatanii waaqa tolfamaa hojjetan, waan haaraa hin fidne maqaa amatii Kristaanaa jedhuun ayyaana Waaqayyoolii tolfamanii ayyaaneffatan malee. Inni kun egaa maali? Sanyii Jali'inaa! Waldaan yeroo jalqabaaf tokkummooftee biyya lafaa irratti hundoofte ishee kana. Inni kun maal ture? Sanyii jal'inaa isa waa itti dabaluu fi waa irraa hir'isuu facaasuu jalqabedha.

31 Eenyu namni Macaafa Qulqulluu irraa guyyaa Jimaataa foon hin nyaatinaa kan jedhu dhaga'e? eenyu namni Macaafa Qulqulluu irraa bishaan keessa gadi lixanii cuuphamuu irra bishaan namatti facaasuun cuuphaa kan jedhu dhaga'e? eenyu namni "Maariyaam nuuf kadhatti" isa jedhu dhaga'e? waan tortoraa waa'ee hin baafne kan warra Prootestaantii kanas eenyutu Macaafa Qulqulluu irraa dhaga'e? Jabanaan distiidhaan in cululuqxa hin jettu. Sirriidha! Kan waan xiqqoo balleesse Waan hundaa balleessuu isaati! Namni takkaa Waaqayyo dhaabbilee Wajjin hojjechuu isaa dhaga'e jiraa? Yeroo isaan gurmaa'anii jiraachuu itti fufan keessaa tokko na agarsiisaa mee. Battaluma gurmaa'anniin in du'u, raawwataniis lammata hin ka'an! Yeroon kun yeroo wanti tokko bakka buufamuudha, yeroo Waaqayyo itti socho'udha. Inni kaka'umsa namoota gidduu in ajjeesa.

Har'as waanuma wal fakkatutu ta'aa jira. Isaan akkas jechuudhaan sosochii in ajjeesu, "Oo, kutata qulqullootaa sana, isaan akkasumaani" in jedhu. Maaliif akkas jedhu, isaan jal'oota! Sagalicha fuulaa fi fuulatti isatti fidaatii waan inni ta'u ilaalaa, Waaqayyo sagalee isaa ofii isaatiin akka hiiku ilaalaa. Waaqayyo dhagoota kana kaasee ijoollee Abrahaam gochuu in danda'a. Ameen!

32 Sagalichi Kristaanota Warra jalqabaa sana keessaan mul'ataa ture, Waaqayyo waan hundumaa irraa, dhukkuboota irraas isaan fayyisaa ture, isaan raajii qabu turan, afaan haaraa in haasa'u turan, isa in hiikus turan, ergaa dhugaadhumatti yeroo jedhametti raawwatus dabarsaa turan. Garuu fuuluma sagalicha mul'atee sana duratti, namoota filatanii ba'uu jalqaban, garee amantiis in filatan. Innis immoo egaa haadha waldaalee

amanatii hundumaati.

Amma lamaan isaanii guutummaatti bilchaataniiru. Isaan ammas facaasuu jalqaban. Inni du'ee ture, amma immoo bara Luuter deebi'ee lalisuu jalqabe, ergaa koo sila ganamaa, isa ciree irratti dhageessan irraa hubattaniittu isa kana. Inni bara Luuteritti deebi'ee in lalise. Amma egaa maal godhan yeroo sanatti? Battaluma namni guddaan sun du'een dhaabbata hunduuffatan.

Inni lalisuu isaa in dhaabe. Amms bara Joon Wesilii, yeroo warri Angilikaanii of eeggannoo jireenya bara baraa qabatanii isatti hidhamuudhaan,hamma iddoo Yuuniversaaliiziimmiitti fidaniiru, maaltu ta'e seetan? Waaqayyo nama Joon Wesilii jedhamu kaasee Waan hundumaa morma kute. Akkuma innii fi Asbariin faa du'aniin maaltu ta'e? Isaan hunduu in gurmaa'an, hundumti isaaniis gurmaa'anii warra Metedistii ammaa kana hundeessaan. Isaan, kaan isaanii wajjin tokko ta'uu, yookiin immoo kan biraa ta'uutu dhufe. Garee Aleksaander Kaambel, garee Joon Smiiz fi kan biros ta'uutu dhufe.

33 Xumura irratti, warri Pheenxeqoosxee cabanii ba'an, waan sana hundumaa keessaa in ba'an. Bara sana maaltu ta'e? Akka gaariitti fiigan, maaltus isaan dhowwuu danda'a? dhoqqee isuma kaleessa keessaa baatanitti deebitatanii laaqqattan, karaadhuma kaleessaa dhimmistaniin deebitanii dhimmistan, jal'ina keessanitti deebitanii dhaabbata hundeessitan, waan biraa dhiistanii sagalicha irratti walii galuutu isin irra ture. Yeroo hundaa yeroo Waaqayyo waan haaraa ergutti isin hin fudhattan. Inni kun sirriidha! Ammas kun jal'ina! Akkuman kanaan dura dubbadhe, sanyiin midhaanii qolaan haguugamte dhaabamtee hidda baafattee, biqiltee baala baafattee, humna baafattee bilchaattee ammas gara gombisaa irraa dhufteetti in deebiti. Sanyiin qamadii qolaan haguugamte sun guutummaatti sanyii in fakkaatti, sanyiidha jennees in yaadna, garuu yeroo cabsinee ilaallutti inni guutumaan guutuutti ija midhaanii miti. Inni alaan mul'atu sun sanyichi akka guddatuuf kan gargaaru qofa dha, innis in du'a, lubbuun isaa isa keessaa baatee gara midhaaniitti in galti. Hubadhaa, kanaaf Waldaa ishee facaafte sana…in waamu.

34 Bara ammaa kana kan arginu peenxeedhuma keenya keessatti illeeWaldaa keenya jecha jedhudha. Quufuu dadhabnee baanee deemnee, garee ofiikeenyaa in hundeessina. Hundumtuu as ba'ee, isa *kana* qabaachuutu nurra ture, isa *sana* qabaachuutu nurra ture, garee *kan biraa* uummachuutu nurra jira jedha. Namichi ka'ee, "Inni duumessa adii irra taa'ee dhufaa jira" jedhe. Inni kan biraan immoo, inni, "Uhu-huu, Inni farda adii irra taa'ee dhufaa jira" jedha. "Rakkoo hin qabu, nuyi garee lama in hundeessina" in jedhu. Ilaalaa, maali kun? Jal'ina facaasuu dha! Inni yeroo dhufu, waan kamiin iyyuu haa ta'u, inni yeroo dhufu hiikkaa sagalee isaatii in kenna. Mee amma yeroon sun ga'utti haa eegnu. Isa qabadhaa… Waa'ee sanaa haasa'aa, ergaa bara kanaa iyyuu hin argattan. Yeroo hundumaa waan inni fuulduratti hojjetuu fi waan inni hojjetee darbetti quba qabaa, garuu immoo waan inni amma hojjetaa jiruun in mormina. Inni kun egaa karaa jal'ina isa keessatti arginuu dha.

35 Waldaan keenya bara amma, waldaan hunduu qilleensa keessatti facaasanii qilleensa jabaa irraa haammachaa jiru. Sagantaa kadhataa hin qabnu, tajaajila dur qabna turre amma hin qabnu. Maali rakkoon isaa? Nuyi mana dhugaatiitti gadi teenye. Ilaalaa, Waldaan Pheenxeqoosxee keenya utuu hin hafin, dubartoonni hunduu rifeensa mataa isaanii muratanii yaa'u. Inni kun dur hin eyyemamu ture. Fuula isaanii dibatanii, qeensa halluu dibatanii, kotota hundumaa ofitti laaqanii deemu; dhiira bakkee kana ilaalaa… akka Rikii fi warra kaaniiti; sadii yookiin afur fuudheera, Daaquniidhas; oo, mal jal'inni akkasii! Inni kun Xuraa'ummaadha! Isaan akkamitti waan akkasii godhu? Waan akkasii Waaqayyo Waldaa isaa keessaa hin qabaatu, isaantu dhaabbata isaanii keessatti hundeeffatee as fide malee. Namni tokko jal'ina achi keessa jiru dubbachuu in sodaata, sababiin isaa dhaabbata sana keessaa dhiitanii isa baasu waan ta'eef. Yaa Waaqayyo, nama Waaqayyoo fi sagalee isaa qofaatti hidhamu,dhugummaa sagalee isaa nutti himu nuuf kenni. Inni nuyi dhugaadhumatti barbaannu isa kana. Wanti nuyi goone maali? Jal'ina facaafne. Qilleensa facaafnee bubbee jabaa haammachaa jirra.

36 Hubadhaa egaa, isaan amma gubamuuf walitti qabamaa jiru. In yaadattu isa Yesuus jedhe, "Dura inkirdaadicha buqqisanii akka gubamuuf bissii bissiitti haa hidhan, ani immoo isaan nan guba" jedhe. Bissii xixiqqoo Metedistii, Baaptistii,Presbayiteriyaanii, Luuteranii jdhamantu jiru, isaan kun hunduu Tokkummaa Waldaa Addunyaa jalatti walitti qabamaa jiru. Inni kun maali? "Isaaniin dura walitti naaf qabi!" Haaleluyyaa!

Qalbeeffattaniittuu, inni dura Inkirdaada walitti in qabee addaan in fo'e, Qamadii irraa adda in baasee, "Isaaniin walitti qabee isaan in guba." Isaan hunduu jal'ina saba gidduutti waan facaasaniif, firdii Waaqayyootiin gubachuuf jiru. Wantootni isaan… Nama Waaqayyoo ta'anii, humnicha mormanii, sagalicha mormanii, ayyaaneffanna amantii, digimtii namni itti dabaletti qabamanii sagalalee Waaqayyootti qabsiisuuf yaalaa jiru. Inni kun hin hojjetu. Inni kun jal'ina.

37 An har'a isinittan iyya, Amos raajiin inni guddaan bara dheeraa dura gara magaalaatti gadi bu'ee, "Ani raajii miti, an ilma raajii irraa dhalates miti. Garuu Leenci in aada, egaa eenyu ree kan hin sodaanne? Waaqayyo gooftaan in dubbachiisa, egaa eenyu ree raajii kan hin dubbanne?" jedhe. "Waaqayyo gooftaan in dubbachiisa, egaa eenyu ree kan hin dubbanne?" jedhe. Inni akkas jedhee firdii dhaloota sanatti dhufu dubbate, "Waaqayyo innumti isin isan tajaajila jettan isin in balleessa" isaaniin jedhe.

Isa kana qabadhaatii booda yaada isaa, sagalee teeppii waraabamee irra jira waan ta'eef. Waaqayyo inni… Namoonni kun egaa makara isa guddaa isa Waldaa Walii Gala Adduunyaa jedhamutti saba walitti qabaa jiru, egaa isinis isa kanatti dabalamuuf deemaa jirtu. Isa kanaan ala baatanii jiraachuu hin dandeessan. Yookiin dhuufaadhaan isatti dabalamuu qabdu, yookiin immoo isa keessaa ba'uu qabdu. Giddu lamaan isaa jiraachuun hin danda'amu. Inni mallattoo bineensichaa ti. Namni kam illee yoo milikkita bineensichaa qabaate malee, yoo jal'inicha of harkaa qabaate malee bituus gurguruus hin danda'u. Amma egaa, isaa ala jiraadhaa! Isa keessaa ba'aa! Isa irraa fagaadhaa! Waaqayyo inni isaan tajaajilaa jirra jedhan isaan barbadeessuuf jedha waan ta'eef. Waaqayyo guddaan abbaan jaalalaa inni hin… "Gaariidha,Yesuus hundi keenya tokko akka taanuuf kadhateera" naan jedhe.

38 Yeroo sanatti inni, "Akkamitti wajjiniin deemtu, naommiini lama utuu walii hin galin akkamitti waliin deemu?" jedheera. Kan inni "Tokko" jedhe,akkuma inni fi Abbaan tokko ta'an jechuu isaati. Abbaan sagalee ture, inni immoo sagalee foon uffatee mul'ateedha. Inni Abbaa isaa wajjin "Tokko" ture, sababiin isaa inni mul'ina Sagalee Waaqayyoo isa abdachiifamee waan ta'eef. Har'as, guyyaa biraas inni akkasuma. Eeyyee, obboo. Waaqayyo tokko. Inni nuyis akka tokko taanu barbaada.

Inni kaan durba irraa dhalachuu isaa mormaa, inni kaan fayyina waaqa irraa mormaa, akkamittiin tokko ta'u, kunis sunis, hundumtuu laaqii xurii mitii? Kaan isaanii keessa ba'anii Waaqayyoon iyyuu hin amanan. Ilma Yooseefiiti malee inni ilma Waaqayyoo miti in jedhu. Eeyye dhugaadha. Warra Luuteraaniif lakkuu kan ta'an warri Ziwiinglis, inni guutummaatti nama gaarii ture jedhu. Saayinsiin Kristaanaa immoo inni raajii ture, namuma taraa wayii ture jedha. Maaliif, inni isa jiraataa hin turre taanaan, gowwomsituu addunyaan argitee hin beekne ture jechuu dha. Inni Waaqayyoon ture, yookiin homaa iyyuu hin turre. Inni Waaqayyoo dha! Inni Waaqayyoo ture, ofii isaatii foon uffatee nama ilma Waaqayyoo jedhamu ta'ee nu gidduu buufate.Dhugaadhumatti wanti inni ture isa kana.

39 Amma egaa jal'inni ol galuu isaa in argina. As akka inni jiru in beekna, namani isa kana mormu hin jiru. Oo, yaa anaa! Sirriitti qalbeeffadhaa. Inni garee warra Waaqayyoon tajaajilla jedhan sanaa balleessuuf jira.

Waaqayyo sanyii isaa dhaabeera. Amma xumuruufan jedha, sababiinisaa yeroon toora kadhataa ga'aa jira. Waaqayyo sanyii isaa dhaabeera, sanyiin isaas Kristoosidha. Yoo fedha Waaqayyoo ta'e galgala itti aanu waa'ee isa kanaa, waa'ee lafa Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf murteessee nan lallaba, tarii iddoo ciree nyaannutti yeroo xiqqoo fudhee isinan barsiisa. Ilaalaa, inni karaa ittiin miliqan isa tokkicha. Inni tokkicha aango qabeessa isa dhugaati. Inni tokkicha Waaqayyo isa dhugaati, wanti kana biraa isa bira hin jiru. "Ani Waaqayyoo dha, Waaqayyo isa tokkichas" jedheera. Yesuus, "Kun abboommidha: Yaa Israa'el na dhaga'aa, ani Waaqayyo Gooftaa keessan, Waaqa tokkicha. Ani isa jiraataadha. Maaliif kan biraa barbaadduu? Kan biraan in dhufa…An maqaa abbaa kootiinan dhufe, isin garuu ana hin simanne. Kan biraa maqaa ofii isaatiin in dhufa, isas in simattu" jedhee dubbate. Isa kana immoo Niiqeyaatti raawwatan.

"Ati Kristaanaa?"

"Ani Baaptistii dha"

"Ati Kristaanaa?"

"Ani Pheenxeqoosxee dha"

“Ati Kristaanaa?”

“Ani Metedistii dha,” maqaa kan biraas akkasuma.

40 Garuu yeroo wantichi gara maqaa “Yesuus Kristoositti” dhufutti, isaan hamma danda'anitti isa irraa fagaatanii in adeemu, isaan waan tokko iyyuu maqichaan gochuu hin barbaadan, maaliif, sagalichi dubbatee ofii isaa waan labseef. Karaa tokkicha ittiin miliquun danda'amu sana qalbifadhaa! Inni Arfaasee Shaaron, Daraaraa dachaa keessaatis, Macaafni Qulqulluun inni akkas ture in jedha. Maqaa ulfina Waaqayyoo Macaafa Qulqulluu keessaa hundumaa, Yesuus Kristoostu qaba. Inni Alfaa, Omeegaa, isa jalqabaa fi isa dhumaa ture; isa ture, isa amma jiru, isa dhufuuf jiru; inni hidda Daawit, sanyii isaatis; inni bakkalcha barii isa calaqqisaadha, Daraaraa dacha keessaa, Arfaasee Shaaroon, Alfaa, Omegaa. Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu, hunduu Yesuus keessa jira! Inni guutummaa Waaqayyo Yaahwee foon uffatee nu gidduu buufate. Inni kun dhugaadhumatti waan inni tureedha.

Inni Arfaasee Shaaron ture. Arfaasee Shaaroniin maal godhu turan?Tumanii, cuunfanii shittoo isaatti fayyadamu turan? Arfaasee baredaa irraa shittoo gaarii argachuuf cuunfuu qabna. Jireenyi isaas jireenya miidhagaa hin turre, inni akka jireenyaatti iyyuu hin jiraanne, garuu Qaraaniyoo irratti cinqirfamee cuunfamuutu isa irraa eegama ture.

41 Ilaalaa, isaan dibata Arfaasee Shaaroon fuudhanii Aaron diban, fuula Waaqayyoon bira iddoo qulqulla'aa sana dhaquuf, iddoo golgaa qulqull'aa sana dhaquuf dibamuutu isa irra jira ture. Inni waggaatti al tokko deemee teessoo araaraa irratti dhiiga biifuun dura, Arfaasee Shaaroniin dibamuu qaba ture. Dibati kun isa irra jiraachuun, foolii gaariin Gooftaatti akka urgaa'uufi, korbeessa hoolaattis erga facaasanii booda, dhiiga hoolichaas iddoo aarsaatti in facaasa ture. Qoloo akka ija muka Rumaaniitiin fi bilbila wayyaa isaatti hidhame uffatee tarkaanfii muraasa, “Qulqulluu, Qulqulluu, Yaa Qulqulluu Gooftaa” jedhaa deemuutu isa irraa eegama.

42 Hubadhaa, inni Arfaasee Shaaron isa urgaa gaarii, foolii namatti tolu qabuu sanaa fi, isa saba isaa dibuudha. Fuula isaa dura seera Waldaa kamiin iyyuu qabattanii dhufuu hin qabdan, Arfaasee Shaaron isa ta'e sagalee isaa qabattaniiti malee. Inni Daraaraa Dachaa keessaati.

Qoricha nama adoochu Opiyemii akkamittin fayyadamtu? Opiyeemii kan argachuu dandeessan erga kuttanii daraaraa isaa cuunfitanii boodadha. Dokteeronni laaboraatoorii keessatti isatti in fayyadamu. Nama dhiphina sammuutiin rakkatu yookiin dubartii dhukkubbii irraan kan ka'e maraattee lafa gangalattee iyyitu fuudhanii daraaraa Opiyeemii xiqqoo hidda irra waraanu, sana booda in cal'isti. Yeroodhaaf in fayyiti. Garuu akkuma Opiyeemiin sun isaan keessaa du'een, lamma deebi'anii in ka'u, debi'anii ka'aniis dhukkubbiin isaanii isa duraa irra harka baay'ee kan itti hammaate in ta'a.

43 Garuu firoota koo Opiyeemii dhugaa, daraaraa dachaa keessaa irraa isa argame isan beeku isinittan hima. Inni Daraaraa Dachaa keessaati. Inni Qaraaniyoo irratti cinqaarfamee cuunfame. Inni irra daddarbaa keenyaaf madeeffame, dirmammuu isaatiin nuyi fayyine. Kana ta'uu isaatiin inni daraaraa cuunfamedha, inni daraaraadha. Dararaa dacha keessaa fi Arfaasee Shaaron isa guddicha takkaa margee hin beekneeti. Amma inni galgala kana Waaqaa fi lafa gidduu uwwisee jira, nan amana, yeroon sun yeroo cubbuun biyya lafaa irraa fuudhamee, biyya lafaatiif fayyinni bu'eedha. Macaafni Qulqulluun inni kaleessa isa ture, har'a isa jiruu fi bara baraan kan jiraatuu dha jedha.

44 Firoota koo, Waaqayyo yeroo Musee isa lafa onaa keessatti bakka isa bu'etti himetti, inni bofa sibiila boorrajjii irraa tolchee rarraase. Bofti sibiila boorrajjii sun cubbuutti farade. Bofti kan itti fakkeeffamu, bofti boorrajjii kan itti fakkeeffamu, “Cubbuun durumaan itti faradameera” kan jedhudha. Akkuma utubaa sibiila boorrajjii iddoo aarsaa kaa'amaa turee, sibiilli boorrajjii “Firdii Waaqa irraa” bakka in bu'a. Eliyaasis akkasuma oi ilaalee, bantiin Waaqaa sibiila boorrajjii fakkaata, firdiin Waaqa irraa saba Waaqayyoon amanuu dhiisanii duuba deebi'an irratti in rooba jedhe. Sibiilli boorrajjii firdii bakka bu'a, firdii Waaqarraa, bofichis kan bakka bu'u cubbuun duraan dursee itti faradameera kana jedhudha. Yesuus bofa isa nuuf jedhee cubbamaa ta'ee firdii Waaqummaa fudhatee dha. Inni irra daddarbaa keenyaaf madaa'ee awwaalame, hammina keenyaaf awwaalamee, nuuf adabamee nagaa nuuf buuse, madaa'uu isaatiin nuyi fayyine.

Oo, Waaqayyo har'a galgala Opiyeemii qoricha fayyinaa saaxinii guutuu, kristaanota

dhukkubaan rakkataniif fidee jira. Oo, isin dadhabdaniittu, baay'ee isinitti cimeera. Kana booda egaa isaa wajjin hin jiraattan, fagaattanii bara ammayya'aa yeroo ammaa kana keessa in jiraattu.

45 Galgala kana oduu Laayif Laayin tamsaase, isa isaan Ruusiyaan, "Ruusiyaan secondii 55 keessatti guutummaa addunyaa dhugaadhumatti to'achuu dandeessi" jedhanii tamsaasan dhageessaniittuu?Utuu inni kun hin raawwatin dura ol butamuutu ta'a. Firoota koo, hamma dhi'oodha inni kun? Inni dhi'eetee kunoo harka keenya irra ga'eera.

Galgala kana laphee keessan guutuudhaan isa hin barbaaddatanii? Inni Daraaraa dacha keessaati, inni kaleessa isa ture, har'a isa jiru, barabaraanis kan jiraatuudha, inni akkuma Museen milikkita cubbuun itti faradame sanaa ol qabee rarraase, inni galgala kana saba isaa keessatti ol ol jedhee mul'achuuf jira. Cubbuu duwwaa miti, dhukkubas dabalateeti malee. Yaadadhaa,Yesuus, "Museen lafa onaa keessatti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe, ilmi namaas immoo akkasuma muka irratti ol fuudhamuun in ta'a" jedhe. Museen maaliif muka irratti isa ol fuudhe? Amanuu diduu isa ta'e cubbuudhaa fi dhukkubaaf ol fuudhe. Yesuusis akkasuma cubbuudhaaf, amanuu diduudhaaf, dhukkubaaf mukatti ol ba'e. Inni kun lamaanuu waan wal fakkaatu ture.

46 Amma, galgala kana, bara jal'inni itti baay'ate kana keessa,Yesuus Kristoos Luqaas keessatti abdachiiseera, innis immoo guyyoota… Guyyaa itti ilmi namaa mul'atuttu, akkuma yeroo ilmi namaa ofii isaa Abrahaamitti of mul'iseetti; Elohiim, Waaqayyo foon uffatee saba gidduu buufatee, Abrahaamitti of mul'isee, waan Saaraan garaa isheetti dunkaana keessa teessee yaadaa turte isatti hime sanaa in ta'a. waan isheen… "Saaraa" jedhee ishee moggaase. "Abrahaam" jedhee maqaa isa isa Abraam ture irraa jijjiire. Isheen kana booda Saaraayi miti Saaraa dha malee. "Haati manaa kee Saaraan eessa jirti?" Inni immoo, "Isheen duuba kee dunkaana keessa jirti" isaan jedhe.

Gooftichis, "Bara eger yowwana deebi'ee gara keessan nan dhufa"jedhe. Isheenis in kolfite. Inni immoo, "Isheen maaliif kolfite?" jedhe.

Amma egaa, yesuus, "Egaa jil'oonni gurguggoon kun utuu walitti qabamanii hin gubamin dura, akkuma bara sanaatti ilmi namaa ofii isaa in mul'isa" jedhee dubbate. Inni kunis immoo… Innis immoo maali? Yesuus Kristoos isa ture, isa jiruu fi isa deebi'ee dhufu ta'uu isaa, ol kaasaanii, haaressanii isin duratti mul'isuudha. Isatti in amantuu? Yoos mee mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu.

47 Yaa Waaqayyo jaallatama, nuyi si jaallanna. Sagaleen kee Nyaata nuuf ta'eera gooftaa. Dhugaatti nuyi isa in jaallanna! Isaan jaallatamnes yaa gooftaa. Dandeettiin keenya ga'aa akka hin taane in beekna yaa gooftaa. Nuyi maaddii kee irratti walitti qabamnee, sagalee keetti marsinee eebba irraa nyaannee ittiin gammanneerra, akka kanatti obboleessaa fi obboleettiin dhiiga ilma Waaqayyoon bitaman, warri gatii dhiiga keetii ta'an walitti qabamnii isa irraa soorataniiru. Galgala kana nuyi as dhufneerra yaa gooftaa, galgala kana warra dhukkubsatan sitti dabarsinee laanneerra, Yaa Gooftaa. Caaffata Qulqulla'aa keessatti akkuma dubbatte, "Dirmamammaa'uu isaatiin nuyi immoo fayyine" jetteetta. Yeroo sanatti kadhachuun hin barbaachisu, cubbuu keenya himachuu qofa malee, sababiin isaa dirmammaa'uu keetiin nuyi fayyineerra'oo. Maal guyyaan fayyinaa sun! maal abdiin Amaanu'eeliin kennamte akkasii! Inni egaa mudaa tokko malee dhugaadha.

Ati akkuma dubbatte, "Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf, isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif ana in argitu" jetteetta. "Ani" jettee, "Ani bara dhumaa sanatti isinii wajjin nan ta'a, isin keessas nan ta'a" jetteetta. Bara isa dhumaatti, bara biyyi lafaa kun itti barbadooftu, bara itti abiddi Waaqa irraa bu'ee biyya sodoomiitti warra saba hin ta'in balleessetti akkuma ta'e, bara dhufaatii ilma namaa duras muli'anni ilma namaa ammas deebi'ee akka ta'u dubbatteetta. Yaa Abbaa, Sabni kee isa kana hin dhabin.

48 Egaa yaa Waaqayyo, sin kadhadha, akka waan waa'ee hin baafneetti (yoon dogoggore naaf dhiisi), maarshii keetiin duratti nu dhiibii nu deemsisi.Isaaniin nan jaalladha, yaa gooftaa isa kana akka isaan hin dhabneef sin kadhadha. Galgalli kun galgala guddaa haa ta'u, gooftaa. Galgala kan dhukkubni, rakkinni, jaamummaas, waan fedhes yoo ta'e fayyina haa argatan gooftaa. Cubbamaan hunduu haa fayyu. Laphee isaaniitti kan hin amanne yoo ta'an, galgala kana Kristoosiin kan fudhatan haa ta'an. Nuuf dhaga'i, Yaa Abbbaa. Wanti hunduu harka keessa jira. Nuyi ofii keenya dabarsinee

sitti laanneerra, nu gidduutti mul'adhu.

Akkasuma Wangeela Yohaannis 14:12 irratti, "Dhuguma, dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaa in hojjeta; ani gara Abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta" jetteetta. Nuyi akkamittiin ofii kee saba gidduutti akka mul'ifte akkamittiin beekna, raajii Museetiin akka kaatu isa ati dubbatte irraa kaanee beekna. Isaan waggoota dhibba hedduuf raajii utuu hin qabaatin jiraataniiru, hamma sagaleen waaqayyoo dubbatame raawwatamutti jal'inni harka namoota baay'eetti faca'eera. Egaa sagalichi foon uffate, inni jal'aanis akkasuma foon uffate. Egaa, yaa Abbaa, har'as ilaalaa jirra, jal'inni bissii guddaa ta'eera. Karaa sagalichaatiin tokko ta'ee akka dhufaa jiru in argina. Yaa Abbaa, galgala kana nu eebbisi. Nuyi ofii keenya sitti, sagalee keetti dabarsinee laanna. Waan nuuf gochuu barbaadde kam iyyuu nuuf raawwadhu, yaa gooftaa. Maqaa Yesuusiin. Ameen.

49 [Obboleettiin tokko afaan hin beekamneen dubbatte. Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Ulfinaa fi kabaja dhugaati. Waan inni jedhe hin beeknu. Tarii waa nutti himuuf eegaa jiraatii, mee ulfina dhugaa keessa galaa yeroo xiqqoodhaaf. [Iddoo duwwaatuteeppii irra jira. Obboleessi tokko hiikaa afaan dubbatamee kenne.]

Ameen. Takkaa dubbiftaniittuu [Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Caaffata qulqulla'aa keessaa bakka diinni itti dhufaa jiru, isaan hundumtuu walitti qabamanii…Diinonni humna akkas guddatu turan. Hafuurri Waaqayyoo namicha irra in bu'e, innis eessa akka dhaqanii fi eessa akka buufatan raajii isaanitti dubbate, isaanis diinota isaanii in hurreessan. Iddoon sun ammas in dhufa. Iddoon itti diina keessan hurreessitan jira, harka Waaqayyoo qabadhaatii ilaalaa. Harki Waaqayyoo Kristoosidha, eeyyee, Sagalicha, kanaaf har'a galgala toora kadhaataa keessatti, isa laphee keessan keessatti qabadhaa.

50 Har'as Biiliin kaardii kadhataa hireera jedheen abdadha. B, warri qubee B, mee B, saddeettamii shanii haa kaafnu. Galgala darbe kudha shan qabna turre. Yeroo baay'ee galgala tokkotti namoota kudha shaniif laanna turre. Egaa kaardii kee fudhuutii isaaniif kenni. Mee namoota kudha shaniif kennuuf yaalla. B, saddeettamii shan, B, saddeettamii shanii hamma dhibbaatti. Kanaaf nuyi…Mee haa ilaallu, eenyutu B, saddeettamii shan fudhate, harka kee ol qabi. Sirriidha… Oo, duuba sana jirta, saddeettamii shan ol kottu.

Amma, ilma koo… Asitti waan haaraan in ta'a jettenii kan hin yaadnetu ta'a. Ilmi koo as gadi kottu, yookiin namni biraan; inni dhufuu hin danda'u yoo ta'e, namni biraan, obboleessa koo Borders kottu. Namni tokko gadi kottaatii, kaardii kana dhibba tokko fuudhaatii fuula sabaa duratti waliin makaa. Kanaaf inni kaardii isiniif in kenna, garuu akka isin waltajjiitti ol dhuftaniif miti, waa'ee isa kanaa inni hin beeku. Anis waa'ee isa kanaa hin beeku. An halkan dhufeen gara kaardii kudhanii, yookiin kudha shanii hireen ture. Inni fayyuu keessaniif waan tokko illee waan isiniif godhu hin qabu. Bakkuma jirtan taa'uu dandeessu. Halkan darbe ilaalaa. Namoota meeqatu as turtan galgala darbe? Tajjajila sana hundumaa keessatti namoota danuutu fayye!

51 Amma egaa, inni saddeettamii shan, saddeettamii ja'a, saddeettamii torba, saddeettamii saddeet, sagaltama ture. Mee isin isa qabadhaatii as ba'aa. B, saddeettamii shan, saddeettamii ja'a, saddeettamii torba, saddeettamii saddeet, saddeettamii sagal, sagaltama. Isaan kana turan… Dhugaadhumatti, nuyi kan barbaannu… Yoo kan nama biraas… Inni kun kan biraati, eeyyee, inni in sirreeffama. Sagaltama, amma sagaltamaa hamma dhibbaatti kottaa. Sagaltama, sagaltamii tokko, sagaltamii lama, sagaltamii, sadii, sagaltamii, afur, sagaltamii shan, sagaltamii ja'a, sagaltamii torba, sagaltamii saddeet, sagaltamii sagal.

Deemuu hin dandeessan yoo ta'e, isin yoo… abbaa manaa fi haadha manaa, nama barcumaan dhufe sadii, nama afur arguu dandee'eera jedheen amana.Kaardii kadhaataa argattaniittu yoo ta'e, lakkoofsi keessaan yeroo waamamu callisaatii harka keessan ol qabaa malee dhufuu hin dandeessan, nuyi as isin fidna.

52 Yoo kaardii kadhataa hin arganne ta'e immoo callisaatii akkas jechuun kadhadhaa, "Gooftaa Yesuus, mee, mee har'a anaaf haa ta'u" jedhatii kadhadhaa. Namoota meeqatu kaardii kadhataa hin qabdan? Harka keessan ol qabaa. Oo, yaa anaa! Gaariidha egaa, amma mee akkas jedhaa, nan abdadha inni kun amantiikoo hin mamsiisu jedhaa. Guyyaa tokko dubartiin dadhabduun tokko kaardii kadhataa hin qabdu turte, garuu dubbatteetti. Isheen dhiibbattee namoota sonaan baay'ee keessaan hiixattee isa tuqxee akkas jette, (amma sirriittidhaggeeffadhaa) "Yoon shaashara Waayyaa namicha kanaa

tuqe nan fayya" jette. Nama meeqatu seenaa ishee beeka? Tole egaa. Isheen maal goote? Isheen isa tuqxee deemtee teesse. Yessus isheen eessa akka jirtu waan beekuuf of duuba gara gale. Sirriidhaa? Inni rakkoon ishee maal akka ta'e in beeka. Sirriidhaa? Inni dhibeen ishee maal akka ta'e waan beekuuf, dhibee ishee isheetti hime. Isheettis fayyinni dhaga'amee dhangala'uun dhiiga ishee in dhaabate. Sirriidhaa? Sababiin isaa maali? Isheen isa tuqxe.

53 Amma egaa, Kristaanota meeqatu beeka, isa akka Ibroota keessatti barreeffameetti, ergaa Ibrootaa keessatti Yesuus Angafa Lubootaati, inni angafa lubootaa isa dadhabbiin keenya isatti dhaga'auu dha kan jedhu? Inni isaa? Tole egaa, yoo inni angafa lubootaa sana ta'e, yoo isuma sana ta'e, yoo angafa lubichaa ta'e, inni yeroo sanatti akkamitti raawwata ture? Inni akkuma yeroo sana raawwatetti ammas raawwachuu qaba. Isa kana in amantuu? Yoo in amantu ta'e, inni akkuma yeroo sanaatti in raawwata. Tole egaa. Nama meeqatu isa kana amana, harka keessan ol qabaatii, "An dhugaadhumatti nan amana" jedhaa.

Tole egaa, utuu isaan sun toora kadhaataa hin galin dura, warri kun toora gadi haa dhiisan. Inni as akka jiru nan beeka. As jiraachuun isaa waan natti dhaga'ameef, akka inni as jiru nan beeka. Kottaa. Toorri kadhataa qophooftanii? As akka baataniif isin waamaan ture. Dhugaadhumatti kadhadhaa, gara kana ilaalaa amantiidhaan kadhadhaa.

54 Mucaan durbaa tokko teessee gara koo ilaalaa jirti, isheen dubra ishee fuullee ijaa uffattee jirtutti aantee taa'aa jirti. Waan dubartii sana haammatee jiru in argituu? As ilaali. Argitanii? Isheen dhibee onneetiin dhiphachaa jirti. Waaqayyo akka si fayyisu in amantaa? Yoo in amanta ta'e harka kee ol qabi. Inni egaa isa si rakkisaa ture dha. Inni kun sirrii dha. Amma yoo dhibeen kee dhuguma isa ta'e namoonni akka arganitti harka kee ol qabi, harka kee sirriitti ol qabi. Kana booda egaa hin dhukkubsattu. Amantiin kee si fayyiseera.

Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Oo, jal'inni amma iyyuu jira; garuu Yesuus Kristoos isuma kaleessaa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Inni… Amma egaa kadhachuu keessan itti fufaa, hubadhaa, kadhannaa keessan wal irraa hin kutinaa, ittuma fufaa.

55 Egaa, mucattiin ishee kana. Hamman beekutti, jireenya koo keessatti raawwadhee ishee argee hin beeku, isheen dubartii as dhaabattee caardii kadhataa fudhatte turtedha, waamamuu fi waamamuu dhiisuu ishee waanan beeku hin qabu. Kaardii kadhataa kan siif kenne nama biraadha, lakkoofsi kee waamamnaan as gara kana dhufte. Inni kun sirriidhaa? An karaan ittii maal akka taate, eenyuun akka taate, eessaa akka dhufte, maal barbaacha akka dhufte ittiin beeku tokko illee hin qabu, raawwadhee isa kana hundumaa hin beeku. Inni kun sirrii dha. Wanti kana fakkaatu wangeela Yohaannis boqonnaa 4 keessatti mul'ateera.

Amma isin, "Obboleessa keenya Branhaam, maal goote, amma yeroo mursa dura maal goote?" in jettu. Maarshii xiqqoo sanan dhiibe amma, hubadhaa. An waan isaa hin beeku, hubadhaa. Isa kana kan godhu isa. Ani hin beeku. Akkam ture dubartiin isheen ala turte sun? ani dubartii kana jireenya koo keessatti argee hin beeku. Isheen guutummaatti anaaf keessummaa dha. Nan amana dubartiidha. Eenyuudha kuunnoo achi saba keessaa namni amma fayyite? Gaariidha, ati…Eeyyee. Nuyi walii keenyaaf keessummaadha. Kun dhugaa yoo ta'e harka kee akkasitti raasi. Argitanii? An raawwadhee dubartii kana hin beeku. Garuu isheen amantiidhaan achi taa'aa turte. Amma isheen waan ta'e tuqxeetti, isheen hin tuqnee? An yoo na tuqan nama waan gaarii namaaf godhu miti.

56 Amma egaa Macaafni Qulqulluu dhugaadhumatti sagalee Waaqayyoo ta'uu isaa arguu hin dandeessanii? Inni kaleessas, har'as, bara baraanis isuma sana. Nuyi mana Qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isa Kristoos ta'ee ta'uu fdeemna. Argitanii? Inni sanyii isa dhugaa sana dha. Erga Hafuurri Qulqulluu inni dhugaan sanyii sagalee isa dhugaa irra bu'ee… miti. Inni egaa gar tokkee sagalichaa hin fudhatu (sababiin isaa, isa kanatti seexanatu fayyadama), hunduma isaa fudhachuutu isin irra jira, sagalicha hundumaa fudhachuutu isin irra jira, sababiin isaa inni Waayyo gar tokkee, walakkaa miti waan ta'eef. Inni Waaqayyo guutuu, isa waan hundumaati. Hubattanii? Wanti ta'uu qabu isa kana.

Amma dubartiin tokka as jirti, an ishee gonkumaa argee hin beeku.Yeroo tokko Yesuus dubartii akkasii argee ture, tarii haala sana kan fakkaatu ta'uu dhiisuu danda'a,

ani hin beeku. Inni bukkee boolla bishaanii taa'aa ture. Inni gara Samaariyaatti gadi bu'uu barbaade. Samaariyaan biyya tulluu jalaa ta'uu ishee in argina. Inni gara Yerikoo dhaquu barbaadee, achi dhaquu irra kutaa biyya Samaariyaa keessaa gara mandara Siikaar jedhamu tokkoo dhufe. Inni bartoota isaa nyaata akka bitaniif ergee, ofii immoo bukkee boolla bishaanichaa gadi taa'e.

57 Sanyii dhala namaa meeqatu addunyaa kana irra jira? Sadii. Saba Haam, Seemii fi Yaafexiiti. Nuyi hundi keenya Nohi irraa dhufne. Yeroo sanatti guutummaan biyya lafaa in barbadoofte. Sanyiin dhala namaa sadii qofa, isaaniis: Yihuddota, Warra Yihudoota hin ta'in, fi warra Samaariyaa (Warra gartokkeen Yihudoota, gar tokkeen immoo warra Yihudoota hin ta'in) dha. Egaa isaan kun sadan sanyii dhala namaa addunyaa kanaati, hubadhaa, isaan sadii.

Wanti Waaqayyoon keessaa hunduu sadiin guutuu ta'a. Akkuma Wantoota sadan galgala kana irratti dubbachaa turreeti; sadarakaalee sadan Jal'inaa, sadarkaalee sadan Sagaleen ittiin foon uffatee fi kan kana fakkaataniiti. Argitanii?

Amma egaa, Yihudichatti, Filiphositti dubbate, inni yeroo Naatinaa'elin bakka inni turee isa fidetti, inni isaan, “An muka jalattan isa arge” isaan jedhe. Inni…isatti hime. Indriiyaas yummuu Phexrosiin fidee ol dhufe, inni, “Maqaan kee Simoon, kana booda, 'Phexros' jedhamtee in waamamta” isaan jedhe. Inni, “Ati ilma Yoonaasi” isaan jedhe. Hubattanii? Isaan kun hunduu Yihudoota.

Garu asitti inni gara Warra Yihudoota hin ta'in bira deemee… Yihudaa kan ta'e utuu hin ta'in warra Samaariyaa bira deeme.

Amma egaa yeroon kun kan warra Yihudoota hin ta'iniiti. Yeroo sanatti inni warra Yihudoota hin taanee wajjin raawwatee utuu inni hojjetuu hin argitan. Caaffata Qulqulla'aa keessa barbaadaa. Gonkumaa hin jiru. Garuu inni Luqaas 22 keessatti isa kana deebi'ee dhufuu isaatiin dura akka raawwatu abdachiiseera.

Garuu inni iddoo sana gadi taa'e, as irratti inni gara dubartii gartokkeen ishee Yihudaa, gartokkeen ishee immoo saba ormaa taate bira dhufe. Ishaadhaanis, “Dubartii nana, bishaan dhugaatii naaf kenni” isheedhaan jedhe.

Isheenis deebistee, “Maaliif, deebistee waan akkasii ana hingaafatin. Nuyi… As wal qoqqooduutu jira. Ati nama Yihudaati, an immoo namaSamaariyaati” isaan jette.

Inni immoo, “Inni si gaafachaa jiru kun eenyuun akka ta'e utuu beektee, ati iyyuu bishaan dhuguuf isa in gaafatta” isheedhaan jedhe. Inni maalgochaa jira isinitti fakkaate? Hafuura ishee wajjin wal qabsiisaa jira. Battaluma rakkoo ishee bareen, abbaa manaa ishee akka waamtuuf isheetti hime. Isheen immoo abbaa manaa tokko iyyuu akka hin qabne isatti himte. Inni immoo,“Inni kun sirriidha, abbaa manaa shan qabda turte” isheedhaan jedhe.

58 Amma egaa akkataa itti Fariisonni yeroo inni kana hojjete itt iilaalan hubadhaa. Sirridha, jal'ina sagalicha gidduutti face warri ta'an sun maal jedhan? Isaan, “Namichi kun Bee'elzebuul, inni Qaalluu dha” isaan jedhan. Hubattanii?

Yesuus immoo, “Namni Hafuura Qulqulluudhaan mormee, isa irratti dubbatu, isaaf dhiifamni hin godhamu” jedhee dubbate. Jal'ina keessantu jira. Hubattanii? Garuu inni yeroo sanatti isaaniif in dhiise, sababiin isaa HafuurriQulqulluun yeroo sanatti hin buune; yeroo sanatti Hoolaan aarsaaf dhi'aatu sun hin duune.

Garuu yeroo sanatti dubartittiin isa baruu hin dandeenye. Dubartittiin, “Atoo raajii akka taate amma bareera” isaan jette. Isaan waggoota dhibbaatamaaf raajii hin qaban turan. Isheen, “Ati raajii akka taate amma hubadheera. Egaa, isa kana kan godhu Masihicha isa Kristoosiin ta'e akka ta'e in beekan, inni yeroo dhufutti isa kana nuuf in godha” jette.

Egaa, inni isa gaafas kana godhe yoo ta'e, inni har'aa isuma kaleessaati. Inni egaa yeroo sanatti akkamitti akka inni ofii isaa akka baran gochaa tureedha, har'as akkasuma mitii? Akkas ta'uu qaba! Amma egaa, namichaa fi dubartittiitu lammata walitti dhufe. Ani namicha miti, isheenis dubartittii miti. Garuu isumatu Hafuura Qulqulluudhaan, akkuma yeroo ilmi namaa mul'atutti waanuma kana fakkaatu in hojjetu jedhee abdachiiseetti inni as jira.

59 Amma, ani si hin beeku (kunis dhagaa akka ta'e in beekta), nuyi guutummaatti waliif keessummaa dha, as dhaabachaa kan jirtu. Wanti ta'e… Tarii wanti siif sirrii hin

ta'in jira, yookiin hin jiru, ani waanan beeku tokko illee hin qabu. Garuu yoo Gooftaan Yesuus natti mul'ise, yoo HafuurriQulqulluun rakkina ati keessa jirtu natti mul'ise, inni Ilma Waaqayyoo malee ilma namaa akka hin taane in amantaa? Inni kun dhugaatti waan waa'ee hinbaafneedha, kun mana Qulqullummaa Waaqayyo itti dhimma ba'uuf fo'ateedha. Inni isa kana kan godhe filannoo birmadummaa ayyaana isaatiini. Kanaaf, garuu ati amani. In amantaa? [Dubartittiin, "Ameen" jette.]

Namoota as jirtan keessaa meeqatu isatti amana? Lamaan keenya kunoo ifa kana dura dhaabachaa jirra, dubartiin sun maal akka taate itti yaadee hin beeku, maal akka isheen taate, eessaa akka isheen dhufte, maal barbaacha akka isheen dhufte hin beeku. Jireenya koo keessatti an ishee argee hin beeku, achi goda sanatti isan ishee arge irraan kana hafe, an jireenya koo keessatti ishee argee hin beeku. Garuu, hubadhaa, kun wanta ani akka isin gootaniif isinitti himuuf jedhuudha: jal'ina sana of irraa gataatii, sagalee isa foon uffatee amma isin gidduu jirutti amanaa. Sagalichi dhufee foon keenya keessa in jiraata, kunis immoo Waaqayyo as jiraachuu isaa mirkaneessa.

60 Mee inni isheedhaaf haa raawwatu. Isheen dhimma cimaa tokko eeggachaa jirti. Isheen dhala waan hin qabneef dhala argachuu barbaadaa jirti. Isheen gara waggaa afurtamaati. Inni kun dhugaadhumatti waan hin danda'amneedha.

Dubaroonni bara jireenya isaaniitti maseena turanii, akkuma kee kana gara Waltajjii kanaa dhufanii gooftaan dhala isaaniif kenne kuunnoo as keessa taa'anii jiru. Warri isa kana beektan muraasni keessan harka kaasaa. Argitanii? Argitanii? Guyyaa darbe tokko, guyyaa dilbataa mucaa durbaa bareedduu tokko fuudhee baadheen ture utuun asii hin deemin dura, dilbata waaree booda. Haati ishee maseentuu akka taate Gooftaatu dubbate. Isheenis mucaa durbaa bareedduu, mucaa durbaa mi'ooftuu in godhatte. Isheen as jirtii? Gara kam jirti? Eeyyee. Kunoo isheen as jirti, goda sana teessee jirti. Haati ishees kuunnoo achi teessee jirti. Kunoo mucaan durbaa sun as jirti. Ishee argitanii? Isheen sagalee Waaqa irraa dubbatame turte.

Amma egaa, guutummaa laphee keetiin isa in amantaa? Eebba sanattiis akka argattu, amma sitti dhaga'amee deebii Waaqayyo siif kenne akka ta'etti in amantaa? Yoo waaqayyoo maqaa kee natti hime, ati immoo maqaa mucaa keetii in moggaafta, isa kana in amantaa? Yoos egaa aadde Toompisen, yoo laphee kee guutuudhaan amante mana keetti galii mucaa kees godhadhu.

61 Onnee kee guutuudhaan in amantaa? Amantii qabaadhu malee hin mamin, dhugaatti Waaqayyoon amani. Waaqayyo Waaqayyoodha.

Akkam jirta, obboo? Ani fi atis waliif keessummaa dha natti fakkaata. Yeroon itti si beeku yoo jiraate jireenya koo keessatti, yeroo ati achi dhufaa turtedha. Akkan yaadutti ati Wasiila obboleessa keenya Shakariyaaniiti, yookiin eenyu inni… Mashagiyaan, obboleessa keenya Mashagiyaan isa faarfataati. Egaa yeroo ati toora kadhataatti dhufaa jirtun si arge. Amma egaa ani siif keessummaa waanan ta'eef, walii keenyaaf nuyi keessummaa dha. Egaa Waan Gooftaan Yesuus Kristoos waa'ee kee, waan ati barbaaddu natti yoo dubbate, anis immoo mee haa dubbadhu; waan inni natti hime, anis immoo dabarsee sitti nan hima. Egaa inni dursee waan ati barbaaddu siif kenneera, wanti si hafu yoo jiraate, onnee kee guutuudhaan isatti amanuu qofa.

Amma, nama meeqatu isa kana hubata? Waan barbaadde argachuuf amantii ga'umasa qabuun amanachuu! Argitanii?

62 Egaa, amma, yoo waa barbaadde asitti ol dhufte ta'e, inni waan ati feete siif in kenna, waan ati barbaaddu natti himuus in danda'a, waan ati barbaaddu akkan hin beekne in beekta. Wanti ta'e inni waan sana raawwatu as jira .Egaa akkuma sagalee isaatiin abdachiisetti isa kana in raawwata. Inni yaada garaa namaa in beeka. Inni kun sirriidhaa? Sirriidha.

Ati fayyuudhaaf fedhii guddaa qabda. Wanta ati ittiin dhiphachaa jirtu keessaa inni tokko naasuu dha, naasuu isa dhugaa. Inni kun sirriidha. Inni kan biraan immoo rakkoo dugdaa qabda. Dugdi kee yeroo tokko haala hamaa irra ga'ee ture, wal'aansa baqaqsanii yaaluu godhattee turte. Isa kana GOOFTAATU DUBBATE. Kun dhugaadha. Hubadhaa. Inni kun sirriidha. Wanti kan biraan ati gadi fageenyaan hawwaa jirtu immoo cuuphaa Hafuura Qulqulluuti. Inni kun dhugaadhumatti sirriidha. As kottu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, maqaa Yesuus Kristoosiin namichi kun utuu lafa kanaa ba'ee hin deemin Hafuura Qulqulluutiin haa guutamu, maqaa YesuusKristoosiin. Ameen.

Amma egaa obbileessa koo, isa fudhadhu. Amantii qabaadhu malee, hin mamin.

63 Akkam jirtaa? Hamman beekutti nuyi walii walii keenyaaf keessummaadha. Kun sirrii yoo ta'e, namoonni akka nuyi waliif keessummaa taane akka baraniif, bakkuma jirtuu harka kee ol kaasi. Hamman beekutti, ani raawwadhee ishee argee hin beeku. Isheenis as irraa kan hafe na argitee beekti jedhee hin yaadu. Sababiin isaa Abbaan keenya inni Waaqa irraa, inni sagalee isaatiin as buufatee jiru jireenya koo keessatti dubartii kana argee akkan hin beekne in beeka. Kanaafuu maaliif bakka kana akka dhufte, eenyuun akka taate, waa'ee maalummaa keetii waanan beeku tokko illee hin qabu. An waan tokko iyyuu sitti himuu hin danda'u.

Wanti tokkichi kennaa dha. Utuun danda'ee…Akuma yeroo muraasa dura isan ibsaa ture dhageesse sanaati. As kottuuti waan inni siin jedhu dhaga'i; ani waanan arge nan dubbadha. Waan inni hin jedhin hin dubbadhu. Ani ofii kootiin yoon dubbadhe dogoggora ta'uu danda'a. Argitanii? Dogoggora ta'uu danda'a. Garuu wanti inni dubbatu dhugaadhumatti sirrii dha. Wanti inni dubbate raawwatee, raawwatee dogoggora ta'ee hin beeku. Inni Waaqayyoon ta'ee waan jiraatuuf raawwatee dogoggoree hin beeku. Argitanii? Hubadhaa, sababiin isaa Waaqayyo dogoggoraa ta'uu hin danda'u.

64 Garuu yoo Waaqayyo waan ati barbaaddu, fedhiin kee maal akka ta'e, yookiin maaliif as akka dhufte, maal akka ati hojjette, yookiin waan kana faakkaatan, yookiin eenyuun akka ati taate, eessaa akka ati dhufte, yookiin waan natti himuu barbaade yoo inni natti hime, isa in amantaa? Galatoomi.

Wanti tokko, ati rakkoo miilaa qabda. [Dubartittiin "Eeyyee"jette.] Inni kun sirrii dha. Harka kee ol… Ati rakkoo dubartummaa qabda, yeroon laguu keetii wal dha'aadha. ["Eeyyee"] Onnee kee keessa hawwii guddaatu jira, sababiin isaa ati nama wayii, yookiin waan ta'e dhabdeetta. Innis immoo ilma keeti, ilmi kee mana ba'ee manatti deebi'uu waan dideef, ilma keef akkan kadhadhuu fi innis akka manatti siif deebi'u barbaadaa jirta. ["Eeyyee."]

Yaa Waaqayyo isa waaqa irraa, ilma ishee gara isheetti ergiif. Hafuurri Qulqulluun har'a galgala dargaggeessa kana karaa irratti itti dhufee gara haadha isaatti haa ergu. Maqaa Yesuusiin. Ameen.

Inni isa beeku gara manaatti deebisee waan erguuf hin yaadda'in. Egaa, amani malee hin mamin. Laphee kee guutuudhaan amantii qabaadhu. Ati amani, waan hafe hundumaa Waaqayyo siif in raawwataa.

65 Egaa wantoonni sadan, yookiin arfan an hubadhe kun, maal iyyuu yoo ta'e, hubadhaa, inni hamma iji na jaamutti natti deeme. Isa isiniif ibsuu hin danda'u. karaan ittiin isiniif ibsu hin qabu. Isin, "Isa ati daqiiqaa afurtamaaf, yookiin isaa oliif lallabde kana caalaa waan nama jibbisiisuudhaa?" jettanii yaaddu. Eeyyee, obboo. Utuu sa'aatii sadii ta'ee iyyuu waan baay'atu miti.

Dubartittiin shaashara Waayyaa Gooftaa Yesuusiin tuqxe. Egaa namoonni sun ana miti kan tuqaa jiran. Maaliif, dubartiin kun, mee as ilaalaa,isheen…[Obboleessi keenya Branhaam, dubartittiidhaan, "Hraka kee narra kaa'i" isheedhaan jedhe.] Isheen qaama koo hundumaa xuqxeetti, ani homaa tokko gochuu hin danda'u. Ani nama dha. Garuu isheen isa tuqxeetti. Anis kennaadhaan, eenyummaa koo achi gatee… Eenyummaa koo gatee waan inni natti mul'ise qofan arga. Hubattaii? Innis waan hundumaati. Hubadhaa, na tuquun ishee waan tokko iyyuu miti, garuu ana keessaan Yesuusiin tuquu isheeti. Innis immoo akkuma dubartittiin Yesuus keessaan Waaqayyoon tuqxeeti. Inni yeroo sanatti raakkoon ishee maal akka ta'e hin agarre ture. Isheen shaashara wayyaa isaa tuqxee, achi deemtee teesse. Inni immoo, "Eenyutu na tuqee?" jedhe.

Bartoonni isaa, "Maal, nama hundumaatu si tuqaa jira'oo. Maaliif akkas jetta?" isaan jedhan.

Inni immoo,"Humni fayyisuu akka na keessaa ba'e bareera" isaaniin jedhe.

Amma egaa humni fayyisuu maal akka ta'e beektuu? Inni jabeenya. Inni tuqaatii dubartii tokkootiin dadhabe, ilmi Waaqayyoo. Ani hoo akkam, cubbamaan ayyaana isaatiin fayya. Isa irra maaliif akka caaluu beektuu? Sababiin isaa, inni, "Waan ani godhu kana hundumaa isinis in gootu. Ani gara Abbaa kootii waanan dhaquuf, isin isan godhu kana caallaatti in gootu" jedhee nu abdachiiseera. Isa ani godhu kana caalaatti in gootu jedhe.

66 Amma egaa, mucaa dubraa kana ani hin beeku. Wa'ee ishee wanti ani beeku tokko illee hin jiru. Isheen akkuma namoota biroo anaaf guutummaatti keessummaadha. Nuyi walii walii keenyaaf keessummaa dha. Sabni akka waliif keessummaa ta'uu keenya akka baraniif harka kee ol qabiitii, "Nuyi waliif keessummaadha" jedhi. Amma egaa, ilmi Waaqayyoo inni lafa sanatti dubartii sana bukkee boolla bishaaniitti argee, yeroo muraasaaf isheetti haasa'e, inni iddoon dhibee ishee maal akka ta'e baree, rakkoon ishee maal akka ta'e isheetti hime. Isheen kana dubbachuu isaatiin inni Masihii isa dhufuuf jiru sana ta'uu isaa in barte. Egaa amma, inni ani qabu…Ani si tuqaan jira, atis na tuqxee jirta. Garuu yoo ani kennaadhaan isa tuqe, yoo ati immoo isatti amanuudhaan isa tuqxe, inni karaa keenya dubbatee… Karaa kootiin sitti in dubbata, yeroo sanatti egaa atis inni akkuma ganda Siikaar keessa turetti as nu gidduus jiraachuu isaa in barta. Argitee? Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. Isa kana in amantaa?

Ati rakkoo baay'ee keessa jirta, dhukkubaa fi haala wal xaxaa baayee! Wantoota kana keessaa wanti ijoon ati akka irratti siif kadhatamu barbaaddu dhibee buusaa lafee si qabee jiruudha. Inni kun sirriidha. Sirriidha mitii? Dhibee kanaan kottoonfachuu fi diriirfachuu dadhabaa jirta. Irree kee ol qabi in argitaa…

67 Kanan sirriitti yaadadhu keessaa inni guddaan, ati suuta jettee deemta. Tarii daqiiqaa muraasa eegi, tarii wanti kan biraan bakka bu'uuf jiraa eegiitii…yookiin, wanti ta'e utuu ta'uu sitti in beekama; sabni utuu isheen akka hafuura baafachuu taatu in argitu. Isin, "Akkamitti isa kana beekaa" in jettu. Egaa akkasuma utuu ta'uu in argitu.

Garuu, amma nama fayye fakkaatta, mee as kottuutii natti haasa'i yeroo xiqqoodhaaf. Mee yeroo xiqqoof ol kaanee haadhaabannu, akkan yaadutti wanti isin Waaqayyoon irraa argachuuf eegaa jirtan wayii jira waan ta'eef. Egaa ani kadhata keessan isiniif deebisuu hin danda'u, inni garuu…Sababiin isaa isin dursitanii yoo amantan, inni deebii keessaniidha. Garuu yoo isa barbaaddan isatti amanaa; akka amantan of godhaa. Amma egaa sittin hima, innis waa'ee nama ati jaallattu tokkooti, inni as nu gidduu hin jiru, innis obboleessa biyya kana iyyuu hin jirreedha. Inni biyya jiituu, biyya haroon itti baay'atu tokko keessa jiraata. Nan jedha, biyyichi kutaa Michigaan, yookiin…Eeyyee, biyyi inni jiru Michigaani dha. Inni waan isa ajjeesuuf jedhuun, dhukkuba kalee irraa fayyuun hin danda'amneen dhiphachaa jira. Inni kun sirridha, sirrii mitii? ISA KANA GOOFTAATU DUBBATE. Egaa Maarrabaa harka kee keessaa sana gara Waaqayyotti ol qabi, isa ol qabde kanas obboleessa keetiif geessiitii haa amanu malee mamuu akka inni hin qabne isatti himi, egaa atis yoo amante inni in fayya.

68 Onnee kee guutuudhaan isatti in amantaa? Hubdhu, yoos, yoo in amanta ta'e waan tokko duwwaa gochuutu sirraa eegama. Innis immoo guutummaatti fudhachuudha. Inni kun sirrii dhaa?

Amma ati, "Inni gara sana, gara namootaa ilaala. Inni egaa waan inni hojjetudha. Inni gara saba isaa in ilaala" in jetta. Isa kana gaarii gootee in argita!

Garuu wanti ati hin beekne… Mucaan durbaa kun, asitti ol kottu, mucaa, as kottu, ati dhukkubsattuudha. Ani gara ishee ilaalaa hin jiru.Waaqayyo rakkoo kee natti mul'isuu akka danda'u in amantaa? Yoo in amanta ta'e harka kee ol qabi, mucaa durbaa sana, mucaa durbaa sana, ishee dhukkubsachaa jirtu. Eeyyee, eeyyee. Tole egaa, yoo in amanta ta'e Asmiin sun lammata kana caalaa si hin rakkisu. Tole egaa, isatti amaniitii gali mana keetti! ...?...

69 Gara ishee hin ilaalle, ilaaleeraa? Hubadhaa, inni… Ati karaa kanaan in argita, mul'atichi karaa kamiin iyyuu in argam. Ameen! Isa arguu hin dandeessanii? Dhugaadhumatti akkuma Waaqayyo Guutuu ta'e isinis guutuu ta'aa!

Atis in amantaa? Asmiin siinis si dhiisee in sokka, sokkuu hin danda'uu? In sokka jettee in amantaa? Tole egaa, dhaqiitii Gooftaa Yesuusitti himi akka isatti amantu.

Guyyaa tokko shonboqqoodhaan miilla koo hidheen sekkeluuf jira jettee sodaachaa turte, inni kun garuu sirratti hin raawwatu. Akkas hin taatu, kun narratti ta'a jettee of hin amansiisin, of amansiiftaa? Fayyuuf akka jirtu in amantaa? Dhaqi karaa kee, gooftaan yesuus si fayyiseera.

Dhukkubni onnee namoota baay'ee ajjeese, siin garuu si hin ajjeesu. Waaqayyoo onnee kee siif fayyisee, akka isaa duriitti akka siif deebisuuf isatti in amantaa? Onnee kee guutuudhaan amaniitii, "Ani dhugaa dhumatti isatti nan amana" jechaa deemi.

70 Ingiliffa in dubbattaa? Ingiliffa in dandeessaa? [Obboleessi keenya Branhaam, “Abbaan tokko kottaa” jedhe. Inni afaan hiikus in dhufe.] Eeyyee, tole egaa. Waanan isheedhaan jedhe isheetti in himtaa? Yoo amante dhukkubni garaachaa kee si dhiisa jedhiitii isheetti himi. Isa kana in amantii? Dhukkubbiin dugda keetiis si dhiisa, kanaaf amma fayyiteetta, karaa kee deemuu dandeessa.

Akkam jirta? In amantaa? [Isheenis,“Eeyyee” jette.]

Namichi kun dhukkuba dugdaa kan qabuu fi yeroon dubbachaa ture goda sana taa'ee gara koo ilaalaa ture. Atis yoo amanta in fayyita obboo. Tole, fayyiteetta.

Mucaan durbaa sitti aantee taa'aa jirtu sun, ati dhukkubbii mormaa qabda, hin qabduu mucayyo? Waaqayyo si fayyisuu akka danda'u in amanataa? Mucaa xiqqaa sana irra harka kee kaa'i innis dhukkubbii jilba isaatii irraa in fayyaa. Isatti in amantaa? Rakkoo wal dha'iinsa xurii laguu qabda, kana booda egaa hin qabaattu. Amatiin kee si fayyiseera.

71 Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu isaa in amantaa? Amma egaa hundumti keenya harka walii walii keenyaa qabanee kadhata amantii haa kadhannu, hundumti keenya kadhata amantii kana haakadhannu.

Yaa Waaqqyyo jaallatama, argamuu Waaqayyummaa keetiin nu golgitee, utuu ati nu gidduu deddeebituu, utuu ati bakka hundumaatti dhukkubsattoota fayyiftuu argineerra. Ati Waaqayyoo dha. Guutummaa amantoota kanaa akka fayyiftu sin amanadha. Hafuurri Waaqayyo inni ho'aan onnee isaaniitti bu'ee yeroon kun yeroo dhumaa ta'uu isaa isaanitti haa dhageessisu. Nuyi asii deemuuf yeroo xiqqootu nu hafe, sana booda isa jaallannu sanaa wajjin ta'uuf deemna. Kanaafis amma as jiraachuun isaa nama hundumaaf fayyina haa kennu.

Seexanatti in faradna, nuyi hojii isaa hundumaatti in faradna. Seexanaa, maqaa Gooftaa Yesuusiin saba kana keessaa kottuu ba'i.

Warri isatti amantan, warri fayyisuu isaa argachuu barbaaddan, miilla keessaniin dhaabadhaatii, “Ani amma fayyina koo fudhachuuf ka'ee dhaabadheera. Ani isa nan amana” jedhaa. Haala keessa jirtu utuu hin ilaalin, dhugaadhumatti amanaatii miilla keessaniin ka'aa dhaabadhaa. Amma harka keessanol qabaatii, “Yaa Gooftaa Yesuus, waan na fayyifteef sin galateeffadha” jedhaa. Waaqayyo isinii wajjin haa ta'u.

www.messagehub.info

Kan Lallabame
William Marrion Branham
*"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7*